# XIINXALA QABIYYEEWWAN DANDEETTI FUDHANNAA KITABAA AFAAN OROMOO KUTAA 6FFAA

MAQAA QORATTUU: EEBBISEE KIFILUU TOLASAA

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA BARNOOTA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUUN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAATTI KOLLEEJJII BARNOOTAAFI QO'ANNOO AFAANIIF DHIHAATE

CAAMSAA,2017/2025

FINFINNEE

**Waraqaa qorannoo barattuu Eebbisee Kifiluu mata duree “Walsimannaa Ga’umsa**

**Dandeettii Fudhannaa Afaanii Kutaa 6ffaaf Kaayamaniifi Hirmaannaa**

**Barattootaa” kan jedhu irratti gaggeessumma kiyya jalatti hojjachaa turte ilaalee madaalera.**

**Waan taheef, uunkaa waraqaa bu’aa qorannoo gulantaa digirii jalqabaan boodaa kan guutte waan ta’eef haa dhiheessituuf mirkaneesseera.**

| **Maqaa gorsaa Jalqabaa** | **Mallattoo** | **Guyyaa** |
|---|---|---|
| ______________________ | ____________ | __________ |

| **Maqaa Gorsaa Gargaaraa** | **Mallattoo** | **Guyyaa** |
|---|---|---|
| ______________________ | ____________ | __________ |

**Akka miseensa boordii qortoota Sagantaa Barnoota Digirii Duraan Boodaa (MA) tti, qorannoo barattuu**

**Eebbisee Kifiluutiin qophaa’e dubbisee madaaleera. Akka kootti waraqaan kun uunka waraqaa**

**qorannoo Sagantaa Barnoota Digirii Duraan Boodaa Afaan Oromoofi Oguma Barsiisuutiin ni guuta jedhee mirkaneesseera.**

## IBSA QORATTUU

Waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kan ta’eefi kanaan dura yuunivarsiitii kamiiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif hindhiyaanne ta’uusaafi wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda isaanii wabii keessa kaa’uu koo akka armaan gadiitti mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa: Eebbisee Kifiluu Tolasaa

Bakka: Yuunvarsiitii Addis Abaabaa,
Addis Abaabaa Mallattoo___________

Guyyaa__________________________

## AXAREERAA

*Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa qabiyyeen kitaaba kutaa 6ffaa keessatti hammataman hirmaannaa barattoota Afaan Oromoo kutaa 6ffaa barataniif madaalawaa ta'uu isaa xiinxaluudha. Qorannichis kitaabi filataman, qajeelcha barsiisotaafi silabasii afaanii sakkatta'uu, ibsuufi xiinxaluun kan dhiyaate. Akka madda ragaatti sakattaan harshamee /galmee silabasii afaanii, kitaablee barattootaafi qajeelchota barsiisotaa irratti taasifameera. Maddi ragaalee qorannoo kanaa barsiisota Afaan Oromoo kutaa 6ffaa barsiisaniifi qopheessitoota sirna barnoota olaanaa Afaan Oromooti. Meeshaaleen funaansa ragaaleef itti dhimma bahaman af-gaaffii, sakatta'a arshammeefi daawwannaati. Gosti qorannoo kanaa qorannoo akkamtaa dha. Malli qorannoon kun itti adeemsifame mala ibsaa yoo ta'u qabiyyeewwan boqonnaatti qooduun gabateewwan jala jalatti ibsa kennuun qaaccessi taasifameera. Kanamalees, mala iddattoo miti carraatti fayyadammuun qaabiyyeewwan kitaabota kutaa 6ffaa hangam barattoota kutaa 6ffaa barataniif hirmaachisaa akka ta'an gama dandettiiwwan afaaniin, gosoota dalagaaleetiin, seenduubeefi umrii barattootaa jiddugaleessa godhachuu akkasumas gama qabatamummaa qabaachuun xiinxalamaniiru. Haala kanaan kitaabileen filataman gama dandeettiiwwan afaanii, umriifi seenduubee barattootaa, qabatamummaa akkasumas dalagaaleen hawwatoo ta'uu isaaniirratti hanqinaalee kanneen akka dalagaalee barattoota shaakalchiisuu danda'an dhabuu, seenduubeefi umrii barattootaa giddugala godhachuu dhiisuufi qabatamummaa dhabuu yookiin* nuuffisiisaafi barattoota hirmaachisuu *argannoo qorannoo kanaa yoo ta'u, yaadni furmaataas ogeessonni barnoota afaaniifi qopheesitoonni sirna barnoota olaanoo waliin ta'uun qabiyyeewwan kitaabota kanneenii irratti xiyyeeffannoon akka dalagan yaada jedhu dha.*

# GALATA

Duraan dursee Waaqa hunda uumee hojii koo jalqabsiisee akkan xumuru nagargaareef galanni haata'u. Itti aansuun gorsaa koo Dastaa Dassaaleny (PhD) hojiin kun akka milkaa'uufi fiixaan bahuuf beekkumsa isaanii osoo hinqusatiin kan na qajeelchan baay'iseen galateeffadha.

Kanamalees, qopheesitoota sirna barnoota olaanaa Afaan Oromoo ObbooTashoomaa Qanaasaa hojiifi yeroo isaanii aarsaa godhanii gaafilee gaafatamaniif deebii gahaa naaf kennuun waan nakeessumeessaniif baay'een galateeffadha. Ittidabalees, hojjataa Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee, Obboo Roobaa Waamii qorannoo haala qophii qabiyyee kitaababaafi walsimannaa ga'umsa dandeettii fudhannaa afaaniifi hirmaannaa barattootaa kanaa ilaalchisee ragaalee barbaachisoo akkan argadhuufis ta'ee haala waan naaf mijeessaniifi nuuffii tokko malee waan nagargaaraniif kabajaafi galata guddaan isaaniif qaba.

Gama birootiin immoo barsiisonni Mana Baruumsa Jeneraal Taaddasaa Birruu Sadarkaa 1ffaa Lakkoofsa 2 Afaan Oromoo barsiisan obsa guddaan ragaa naaf kennuun dhugummaa qorannoo kanaaf waan na gargargaaraniif ulfinni isaaniif qabu guddaa dha.Adeemsa hojii kanaarratti barreeffama koo dubbisa muuxannoo qorannoo isaanii waliin walbira qabuun gargaarsaafi yaada naaf kennaa kan na jajjabeessaa turan barsiistota kanneen akka Naa'ol Baqqalaa, Mootii Oliiqaafi Beekaa Moosisaa gargaarsii naaf taasisaniifi ilaalchi gaariin nasimatan qorannoo kana akkan cimee gaggeessu waan na taasiseef galanni isaaniif qabu guddaadha.

Dhumarratti, abbaa manaa koo Taarreqeny Taaddasaafi maatiikoo hafan haamilee na jajjabeessuun waan na bira dhaabbachaa turaniifi kunuunsa barbaachisaa naaf taasisaa waan turaniif baay'iseen isaan galateeffadha.

**BAAFATA**

## Table of Contents


**IBSA QORATTUU ....................................................................................... iii**

**GALATA ....................................................................................... iv**

**AXAREERAA ....................................................................................... iv**

**BOQONNAA TOKKO ....................................................................................... 1**

**1. SEENSA ....................................................................................... 1**

**1.1. Seenduubee Qorannichaa ....................................................................................... 1**

**1.2. Ka'uumsa Qorannichaa ....................................................................................... 2**

**1.3. Gaafilee Bu'uraa Qorannichaa ....................................................................................... 4**

**1.4. Kaayyoo Qorannichaa ....................................................................................... 4**

**1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa ....................................................................................... 4**

**1.6. Daangaa qoranichaa ....................................................................................... 5**

**1.7. Hanqina Qorannichaa ....................................................................................... 5**

**BOQONNAA LAMA ....................................................................................... 7**

**2. SAKATTA'A BARRUULEE FIROOMANII ....................................................................................... 7**

**2.1. Imaammata Afaanifi Hojiirra Oolmaa Isaa ....................................................................................... 7**

**2.2. Maalummaa Afaan Dhalootaafi Afaan Lammaffaa ....................................................................................... 7**

**2.3. Haala Baruuf Barsiisuu Afaanii ....................................................................................... 8**

**2.4. Malleen Afaan Barsiisuuf Tajaajilan ....................................................................................... 8**

**2.5. Hariiroo Sirna Barnootaafi Kitaaba Barataa ....................................................................................... 9**

**2.6. Maalummaafi Faayidaa Meeshaalee Barnootaa ....................................................................................... 9**

**2.7. Gahee Meeshaalee Barnootaa ....................................................................................... 10**

**2.8. Maalummaa Silabasii ....................................................................................... 10**

**2.9. Akaakuuwwan Silabasii Barnoota Afaanii ....................................................................................... 11**

**2.10. Qabiyyee Barnootaa ....................................................................................... 13**

**2.11. Maalummaafi Akaakuu Gilgaalotaa ....................................................................................... 14**

**2.12. Walsimanna Qabiyyee Barnootaa Dandeettiifi Umriin ....................................................................................... 15**

**2.13. Qabiyyee Dandeettiiwwan Afaanii Murteessuu ....................................................................................... 16**

**2.14. Ulaagaa Kitaaba Barataa Gaarii ....................................................................................... 20**

**3.1. Ibsa Kitaabileefi Qajeelchota Barsiisotaa Kutaa 6ffaa ............................... 22**

**3.2. Saxaxa Qorannichaa ........................................................................ 22**

**3.3. Madda Ragaalee .............................................................................. 23**

**3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu ......................................................... 23**

**3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee ..................................................... 24**

**3.6. Adeemsa Ragaa Walitti Qabuu ....................................................... 26**

**3.7. Mala Qaaccessa Ragaalee ............................................................... 27**

**BOQONNAA AFUR ............................................................................... 28**

**4. DHIYYEESSAAFI XIINXALA RAGAALEE ................................................ 28**

**4.1.1. Ibsaafi Odeeffannoo Qaacessa Harshammee Irraa Argame ..................... 28**

**4.1.2 Gosoota Dalagaaleefi Hanqinaalee Isaani ............................................. 38**

**4.1.3. Seenduubeefi Umrii barattootaa Jiddugaleessa godachuufi Hanqinaalee jiran.......................................................................................39**

**4.1.4. Dandeettiwwan Afaaniifi Hanqinoota Mul'atan ........................................ 40**

**4.1.5. Qabatamummaa Qabiyyeewwaniifi Hanqinaalee Isaanii.......................... 43**

**4.1.6. Haala Qophii Qabiyyee Meeshaalee Barnootaafi Egeree Kitaabota Filatamanii ................................................................................... 44**

**4.2. Qaacceessa Ragaalee Afgaaffiidhaan Funaaname........................................63**

**4.2.1 Qaacceessa Afgaaffii Barsiisotarraa Funaaname.........................................63**

**4.2.2.Qaacceessa Afgaaffii Ogeessaota Biiroo irraa Funaaname.........................,64**

**4.3.Qaacceessa Daawwii Daree irraa argame.........................................................64**

**BOQONNAA SHAN ............................................................................... 64**

**5. CUUNFAA GUDUUNFAAFI YABOO ........................................................ 64**

**5.1. Cuunfaa.......................................................................................... 64**

**5.2. Argannoo........................................................................................ 51**

**5.3. Yaboo............................................................................................. 52**

**WABIILEE ............................................................................................ 54**

## TARREEFFAMA GABATEE

**Gabateewwan** **Fuula**

Gabatee1: Qabiyyeewwan kitaabaa barattoota shaakalchiisan boqonnaa 1_4. ....................31

Gabatee 2: Qabiyyeewwan kitaabaa barattoota shaakalchiisan boqonnaa 5_8. ...................34

# BOQONNAA TOKKO

## 1. SEENSA

### 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Hawaasni addunyaa garagaraa, afaan kaayyolee adda addaa kanneen akka beekkumsa waliigalaatiif, eenyummaa saba tokkoo ittiin ibsachuufi jabeessuu, akkasumas guddinaafi babal’ina afaaniif itti gargaarama. Akka Burkeen (1991) ibsetti eenyummaa sabaa kan dubbatu afaan waan ta’eef, gahee isaa akka bahuuf sirnaan qophii mataasaa akka qabaatu taasisuun barbaachisaadha. Haaluma walfakkaatuun Hudson (1996:230) afaan karaa yaada keenya ittiin ibsinuufi hariiroo namoota biroo waliin qabnu ittiin cimsannu ta’uu isaa ibsa. Hodgefi Krashen (1993:257) gama birootiin afaan mallattoolee adda addaatti gargaaramuun kan baratamu ta’uu ibsaniiru.

Yaada barressitoota armaan oliirraa kan hubannu afaan handhuura jireenyaa ilmaan namaa ta’ee jaalala, jibba, gaddaafi gammachuu fa’a ibsuun namoonni quunnamtii milkaa’aa kan ittiin gaggeessaniidha. Haala kanaanis ilmi namaa afaan warra ofii/maatii, naannoo jireenyaafi mana barumasaarraa barachuu danda’a. Afaan warra irraa yookiin nama guddisurraa baramu afaan dhaloota yoo ta’u; afaan mana barumsaarraa baratamufi naannoorraa akka tasaa baramu immoo afaan lammaffaa jedhama. Akka Gass fi Selinker (2008; 7) ibsanitti afaan tokkoffaa yookiin afaan dhalootaa jechuun afaan daa’imni ganamuma yemmuu dhalatee eegalee otoo mana barumsaa hindhaqiin manatti maatii irraa baratuudha.

Gama birotiin immoo afaan lammaffaan deeggarsaafi deeggarsaan ala kan baratamu (Klein (1986; 15). Deeggarsaan kan baratamuu jechuun afaan mana barnootaatti haala idilaawaan barnoota itti yaadameefi karoorfamee kan baratamuu jechuudha. Kanaafuu, hawaasni hundi afaan barachuudhaaf sababaa mataa isaa qaba. Adeemsa barnoota afaanii sirnaawaafi bu’a qabeessa taasisuuf immoo sirni barnootaa jiraachuun dirqama. Sirni barnootaa dhaabbata barnootaa tokko keessatti kaayyoo murtaa’e galmaan ga’uuf qabiyyeewwan baruumsaaf oolan akka waliigalaatti kan caaseffameedha.

Akka Nuunaan(1990) ibsutti, sirni barnootaa akka waliigalaatti duraaduuba isaa eegee dhiyeessuun barnoota kaayyoo murtaa’aa galmaan gahuuf kan gargaaru. Ralph Tyler (1949) akka ibsetti sirni barnootaa hunduu kan dagaagu jalqaba, galmaafi kaayyoo Adda baafachuu yoo ta’u, itti aansuun dhaggeffachuu, gurmeessuufi sadarkaa kennuufi dhuma irratti kaayyoofi galma ga’uu isaanii gamagamuuf karaa barbaadudha. Kana malees, Nuunaan (1988) sirni barnootaa yaadrimee guddaafi yaada walxaxaa kan qabatuufi karaa hedduun hojiirra oluu isaa xuqeera. Sirni barnootaa kaayyoofi hojiirra oolmaa madaalli akkaataa too’annaa dareefi sagantaa bulchiinsa karoora barnoota kan ofitti hammate. Kanamalee

barreessan olitti ibsame sirni barnootaa tokko gosa barnootaa tokko kan murteessu yoo ta'e silabasiin immoo barattoonni maal baratuu akka qaban ibsa. Kanaafuu, silsbasiin sirna barnootaa jalatti hammatama.

Heerri mootummaa Itoophiyaa labsii isaa 1/1995ALA keewwata shan (5) irratti afaanota hundaaf beekkamtii kennee jira. Haaluma kanaan keewwata shan murtoo tokko (5/1) irratti afaanonni hunduu mootummaa biratti walqixxummaa qabaachuufi keewwata shan murtoo sadi (5/3) irratti immoo mootummoonni naanolee afaan hojii isaanii murteeffachuu akka danda'an kaayee jira. Kanaafuu, sirni barnootaa Itoophiyaa imaammata barnoota hordofu keessaa imaammata barnoota afaaniitii. Akka Milkeessaan (2015) ibsetti barattoonni marti haala heera biyyattiitiin afaanota biyya keessaa nibaratu. Kanaaf, Mootommaan Naannoo Oromiyaatis 1984ALI kaasee Afaan Oromoo afaan barnootaa taasisee jira.

Kanumarraa ka'uudhaan xiyyeeffannoon qorannoo kanaas walsimannaa ga'umsa fudhannaa dandeettii afaanii kutaa 6ffaaf kaayamaniifi dandeettii barattootaa qabiyyee kitaaba kutaa 6ffaa barnoota Afaan Oromoo qophaa'an irratti ta'eera. Kitaabni kunis kan filatameef qabiyyeewwan dandeettiiwwan afaanii kitaaba kanaa keessatti hammataman dandeettii barattootaa waliin walsimuu isaanii xiinxaluufi.

## 1.2. Ka'uumsa Qorannichaa

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa Walsimannaa Ga'umsa Dandeettii Fudhannaa Afaanii Kutaa 6ffaaf Kaayamaniifi Hirmaannaa Barattootaa kan qophaa'e ta'ee ka'uumsi qorannoo kanaa waggoota ja'aaf kitaaba kana barsiisee waanan beekuuf qabiyyee ilaalchisee muuxannoo koo bu'ureffachuun hanqinoota mul'atan sakatta'ee baasuun rakkoolee mul'ataniif yaada furmaataa kennuufi. Gama birootiin wantan dubbiseefi barachaa ture haala qophii qabiyyeewwan walsimannaa ga'umsaa dandeettiii fudhannaa afaanii kitaaba kanaa waliiin wal bira qabee yoon ilaalu wantoonni hanqina fakkaatanii mul'atan kaka'msa natti horuun mataduree kanarratti akkan xiyyeeffadhu nataasisee jira.

Qabiyyeen kitaaba barataa tokkoo silabasii keessatti maal ta'uu akka qabu hayyoonni ni ibsu. Fakkeenyaaf akka Dubliniifi Olshtain (1986:35) jedhanitti silabasiin tartiiba wanta raawwatamu tokko tarreessee yennaa qabu raawwiin yaada kanaa baballifameefi qindaa'ee kitaaba barataatti erga jijjiirameen booda hojiirra ooluu qaba. Kunis silabasiifi kitaabni barataa hidhata cimaa qabaachuu isaanii agarsiisa. Kana malees sirni barnootaa akkuma gosoota isaanii (kan saayinsiii, herreega, afaan...) qabiyyeewwan mataa isaaniifi kaayyolee

addaa barnootichaa kan galmaan gahan qoqqoodee ni qopheessa. Silabasiin immoo sirna barnootaa bu'ureffachuun kitaabni tokko qabiyyee maal maal ofjalattti hammatamuu akka qabu qindeessee qopheessa. Kanaafuu, ga'umsi qabiyyeewwan kitaabotaa walsimannaa ga'umsa dandeettii fudhannaa afaaniifi dandeettii barattootaa maal ta'uu akka qabu yaada qajeelfamaa argachuu waan nama dandeessisuuf kitaaba barnootaa xiinxaluun barbaachisaadha.

Walumaagalatti, adeemsa qophii silabasii keessatti meeshaalee barnootaa bu'uuraatti jedhamanii kan kaawwaman keessaa kitaaba barataa, silabasiifi qajeelcha barsiisaati. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas, qophii kitaabota barnootaa kanneen keessatti qabiyyeen kitaabotaa maal akka fakkaatu yookiin ga'uumsa qabaachuu isaafi qabiyyeen kitaabota keessatti hammataman gama dandeettiwwan fudhannaa afaanii, umriifi duubee barattootaa waliin deemuufi deemuu dhiisuu isaa akkasumas walsimannaa dandeettii barattootaa xiinxaluun rakkoolee baruufi barsiisuu keessatti mul'atan adda baasuun yaada furmaataa kennuu ta'a.

Qorannoowwan mata duree kana waliin walfakkaatu sakatta'aman keessaa, Gaaddisaa Abdii (2008) mataduree xiinxala walsimannaa qabiyyee silabasii kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa xiyeeffannoon isaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa10$^{ffaa}$ Yunivarsiitii Finfinneetti hojjatame yoo ta'u, kitaabni barataafi qajeelchi barsiisaa qabiyyeen isaa waliin walsimannaa irratti hir'ina qabaachuu isaa yoo ta'u, rakkoo gama kanaan mul'atuf furmaata kennuu yaalee jira. Gama birootiin qorataan Magarsaa Namoomsaa (2008) immoo mataduree xiinxala walsimannaa qabiyyee barnootaa Afaan Oromoo kutaa 11ffaafi wayitii barnootaa jedhu yoo ta'u, Yuniivarsiitii Finfinneetti hojjatame sakatta'een jira.

Akka qorannoo kanaatti qabiyyeen kitaaba keessatti hammatame yeroo barnootaa waliin kan walhin simne ta'uusaa ibsameera. Haaluma kanaan yeroo baay'ee barattoonni kutaa 6ffaa Afaan Oromoo barachuu irratti rakkoon walgitiinsa yeroofi qabiyyee akka jiru argannoo isaatiin mul'isee rakkoo kanaaf yaada furmaataa kaayee jira.

Garaagarummaan qorannoo kanaa qorannoo Gaaddisaafi Magarsaa waliinii xiinxala qabiyyee kitaaba barnoota Afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti yoo ta'u, xiyyooffannoon qorannoo Walsimannaa Ga'umsa Dandeettii Fudhannaa Afaanii Kutaa 6ffaaf Kaayamaniifi Hirmaannaa Barattootaati Dabalataanis qorannoon Gaaddisaafi Magarsaa xiyyeeffannoo isaa sadarkaa lammaffaa yoo ta'u, xiyyeeffannoon qorannoo

kanaa immoo sadarkaa tokkoffaa dha. Walumaagalatti ka'uumsi qorannoo kanaa waggoota muraasaaf kitaaba kana barsiisee waanan beekuuf qabiyyee irratti akkaataa dandeettii fudhannaa afaanii irratti hanqinoota mul'atan sakatta'ee baasuun rakkoolee mul'ataniif yaada furmaataa kennuufi.

### 1.3. Gaafilee Bu'uraa Qorannichaa

Qorannoon kun yammuu gaggeeffamu gaafilee armaan gadiitiif deebii kennuufi.

1. Qabiyyeewwan Dandeettii Dhaggeeffachuu barsiissuuf kitaaba kana keessa jiran hangam sadarkaa barattootaa faana deemu?
2. Qabiyyeewwan Dandeettii Dubbisuu barsiissuuf kitaaba kana keessa jiran hangam sadarkaa barattootaa faana deemu?
3. Walsimmanaan qabiyyeewwan Silabasii, Kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa maal fakkaata?

### 1.4. Kaayyoo Qorannichaa

#### 1.4.1. Kaayyoo Goorroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Walsimannaa Ga'umsa Dandeettii Fudhannaa Afaanii Kutaa 6ffaaf Kaayamaniifi Hirmaannaa Barattootaa waliin madaalawaa ta'uu isaanii xiinxaluudha

#### 1.4.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa:

1. Qabiyyeewwan Dandeettii Dhaggeeffachuu barsiisuuf kitaaba kana keessa jiran hangam sadarkaa barattootaa faana akka deeman xiinxaluu
2. Qabiyyeewwan Dandeettii Dubbisuu barsiisuuf kitaaba kana keessa jiran hangam sadarkaa barattootaa faana akka deeman adda baasuu
3. Walsimmanaan qabiyyeewwan Silabasii, Kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa sakatta'un maalirra akka jiru agarsiisuu

### 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Barbaachisummaan qorannoo kanaa adeemsa baruufi barsiisuu keeessatti akkaataa qabiyyeewwan dandeettiiwwan fudhannaa afaanii barsiisuuf kaayamaniifi dandeettii

barattootaa kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 6ffaaf qophaa’an kuniin rakkoolee qaban qoratanii gabaasuufi qaawwa gama kanaan mul’atu agarsiisuun yaada furmaataa eeruu ta’a. Akkasumas, qaamoleen adda addaa qorannoo kanarraa fayyadamtoota ni ta’u. Isaanis; barsiisotaafi barattoota afaan oromoo barsiisaniifi baratan qopheesitoonni sirna barnootaa kitaaba kanaa akka madda odeeffannootti fayyadamu. Kanamalees, kaayyoo kitaabonni qophaa’an akka galmaan ga’aniif rakkoo jiru mul’isuun namoota dhimma kanarratti qorannoo gaggeessaniif akka ka’uumsaatti ni fayyada. Kanamalees, ogeeyyiin barnoota afaanii rakkoolee gama qophii qabiyyee kitaabaatiin mul’atu akka baran ni fayyada. Sababni isaatis barnoota qulqulina qabu dhalootaaf dabarsuuf qindaa’inni qabiyyeewwan kitaabaa waan ta’efidha.

### 1.6. Daangaa qoranichaa

Qorannoon kun iddoo fi qabiyyeen daangeffameera. kunis, Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee Kutaa Magaalaa Gullallee Aanaa 8 Mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa tokkoffaa Lakkoofsa lamaatti yoo ta’u, gama qabiyyeetiin kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 6ffaa kan bara, 2014ALI maxxanfame irratti xiyyeeffata. Sababani kitaabni kunn filatameef kutaa kanatti irra daddeebiin barsiisaa waanan tureef hanqinoota adda addaa waanan argeefidha. Gama birootiin kutaa 6ffaa qofarratti xiyyeeffachuun isaa kitaabni kutaa biroo yoo dabalame bal’achuu waan danda’uufi. Akkasumas, sababni mana baruumsaa kuni filatameef iddoon hojiin koo achuma waan ta’eef hojii koo waliin mijataa waan ta’eefidha. Kanamalees, Afaan Oromoo afaan saba bal’aa waan ta’eef kana caala babal’ate baratamuu akka danda’uufi raga barbaachisu kanarrati argachuu nan danda’a jedhee wantan yaadeefidha.

### 1.7. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun yennaa gaggeeffamu qabiyyeewwan dandeettii fudhannaa afaanii barsiisuu kitaabaafi hirmaannaa barattootaa qofarratti ta’uunsaa hanqina ta’uu ni danda’a. Gama biraatiin, hanqinoota kanneen akka meeshaalee barnootaa bifa kitaabaan /hard cpoy/dhabuu, keessattuu silabasiin kitaaba filatamee manneen barumsaa adda addaa Afaan Oromoo barsiisaniifi Biiroo Barnoota Magaalaa Finfinnee keessaa dhabuun rakkoo qorannoo kana mudate. Akkasumas, qorannoowwan dhimma kanaan walqabatan kallattiidhaan arguun dhabuus qorannoowwan firoomina qaban dubbisuun hojjechuu danda’ee jira. Dabalataanis, ragaa kennitoota guyyaafi iddoo walbeellamnetti yeroon argamuu dhabuun hanqinoota namuudataniidha. Kanamalees, hojii idilee waliin hanqinni yeroofi funaansa ragaarratti

odeeffannoo qabatamaafi dhugaa qaamaan argachuuf rakkooleen adda addaa namudachaa ture. Kunis barsiisonni ragaa kennuu danda'u jedhamee filataman yeroofi iddoo barbaarbaachisaatti argamuu dhabuufi qopheesitooni sirna barnoota olaanaa Afaan Oromoo kallattiidhaan argachuuf bu'aa bu'ii qorannoo  kanaa ta'ee jira.

# BOQONNAA LAMA

## 2. SAKATTA'A BARRUULEE FIROOMANII

Kutaa kana jalatti waay'ee imaammata afaanii, afaan dhalootaafi afaan lammataa, haala baruuf barsiisuu afaan lammataa, malleen afaan barsiisuuf tajaajilan, maalummaa meeshaalee barnootaa, ulaagaalee madaallii kitaabaa, maalummaafi akaakuu gilgaalotaa, dandeettiwwan afaanii murteessuufi yaadoni walfakkaataa ni dhiyaata.

### 2.1. Imaammata Afaanifi Hojiirra Oolmaa Isaa

Imaammanni afaanii biyya tokkoo haala ittifayyadama afaan saniif murteessaadha. Akka Milkeessaan, (2015) jedhutti imaammata afaanii jechuun siyaasa afaanii jechuudha jedha. Kanaafuu, imaammanni afaanii biyya tokkoo siyaasa biyyattiin hordofturratti hundaa'a. Siyaasni biyyi tokko hordoftu ilaalchota afaan biyyattiif qabu kallattiwwan lama irratti xiyyeeffata. Isaanis, afdanummaa afaan biyya sanii akka ciminaatti kan fudhatu isa duraa yoo ta'u, inni lammataa immoo afdanummaa afaan biyya sanaa akka madda hanqinaati ykn akka madda garaagarummaa tokkummaatiif kan fudhatudha. Siyaasni biyyattii heddummina ykn baay'ina afaanii akka ciminaatti kan fudhatu yoo ta'e afaanichi akka madda qabeenyaatiifi miidhaginaatti fudhatee kunuunsaafi deegaraa guddisa. Karaa biraatiin immoo, imaammanni siyaasa afaanii biyya tokkoo akka madda hanqinaa, tokkummaafi garaagarummaatti fudhataniif afaanota kaawwan dhiisuudhaan afaan tokkoof qofa iddoo kennuudhaan kan tarkaanfatu yoo ta'u, carraan afaanonni biroo qaban quucaruu, baduufi dagatamuu ta'a. Kanaafuu, haalonni armaan olitti ka'an kun gama yaada tokkoffaatiin yoo ilaalle afaanichi akka mirga diimokraasii, mirga sabaafi sablammootaa kabachisuu kan qancarsuudha. Haaluma kanaan hojiirra oolmaa imaammata afaanota Itoophiyaa kutaalee lamatti qoodamee ilaallama. Innis, imaammata afaan Itiyoophiyaa 1991 ALI dura tureefi imaammata afaanii Itoophiyaa 1991 ALI asitti jiru jedhamee beekkama.

### 2.2. Maalummaa Afaan Dhalootaafi Afaan Lammaffaa

Akka Gaasfi Selinker (2008:7) ibsanitti afaan dhaloota jechuun afaan daa'imni tokko yeroo jalqabaatiif baratu yoo ta'u, afaanonni haala kanaan argaman afaan dhalootaa yookiin afaan tokkoffaa jedhamu. Afaan lammaffaa jechuun ammoo afaanota jalqabaatiin booda argamaniidha. Kanamalees, Afaan, afaan tokkooffaatti aanudhaan waliigalteedhaaf afaan hawaasa keessattifi, mana barnootaatti karaa idileetiin baratamuudha. Kanuma ilaalchisee, dabalataan hayyoonni Gassfi selinker (2008; 7) yoo ibsan, akka walii galaatti erga afaan. Dhalootaa barataniin booda adeemsi afaan biroo baruu dhimma baay'ee barbaachisaadha

jedhu. Kanamalees, Krashen(1988) yoo ibsu afaan kan baramu sochii namni afaan sana hin beekne nama afaan sana beeku waliin godhamuun yoo ta'u, innis unkaarratti xiyyeeffachuu osoo hin ta'in ergaa dabarsuu fi walii galteerratti kan xiyyeeffate ta'u akka qabu ni ibsa.

Garaagarummaa afaan dhalootaafi afaan lammaffaa gidduu jiru yoo ilaallus afaan dhalootaa daa'imni tokkoo yeroo jalqabaatiif afaan ittiin dubbachuu eegaltu yoo ta'u; afaan lammaffaa jechuun immoo afaan dhalootaatti aansee kan baramu jechuu akka ta'e yaadni hayyoota kanneenii nu hubachiisa. Walumaagalaatti, afaan dhalootaa kan jennu afaan jalqaba haadhaafi abbaarraa yookiin nama guddisurraa argamu yoo ta'u afaanonni carraa adda addaatiin afaan jalqabaatin booda argaman immoo afaan lammaffaa jedhamu.

### 2.3. Haala Baruuf Barsiisuu Afaanii

Qabiyyee barnootaa qopheessuun dura haala kamiin barattoonnii afaan barachuu qabu? yaada jedhu xiyyeeffannoo keessa galchuun barbaachisaa ta'a. Kanuma ilaalchisee hayyuun, Klein (1986) yoo ibsu, tooftaan afaan ittiin baratamu kallattii adda addaatiin yoo ta'u umrii kamiinuu kaayyoofi sadarkaa barbaadameen ta'uu danda'a jedha. Akka Gassfi sellinker (2008; 3) ibsanitti haalli baruufi barsiisuu afaan tokko tokkoo seera afaanifi hiika shaakaluurratti kan xiyyeeffateedha. Kunis barattoonni seera afaan sanii yaadachuun afaan ofiitti eega hiikanii booda gara afaan birootti akka hiikan kan jajjabeessu dha. Mallii kun haala baruuf barsiisuu keesumaa afaan lammataa irratti rakkoo uumee jira. Kana yoo jennu seerlugniifi caaslugni hin barbaachisu jechuu osoo hin taane bu'aan walii galteerratti qabu gadaana ta'uusaati. Kanaafuu, barattoonni dandeettii fudhannaa afaan isaanii akka guddifatan taasisuuf tooftaa baruu barsiisuu haarawaa maddisiissuun barbaachisaa ta'ee argameera. Haaluma kanaan hayyoonni armaan olii mala walii galtee afaaniifi tooftaa afaan barsiisuu walquunnamtiirratti xiyyeeffate fayyadamuun akka barbaachisu ibsanii jiru. Dhimma kana Richaardiifi Jon Stone (1989:32) yoo ibsan seerlugniifi caasaaleen xiinqoqaa quunnamtii keessatti ogumaa afaanii kan biroo keessatti itti fayyadamuun shaakalamuu qabu jedha. Kanaafuu, warri sirna barnootaa afaan irratti qopheessan seera irratti hundaa'uurra walii galtee afaanii of keessatti akka hammatu taasisuun gaarii akka ta'e ibsu. Kun immoo tooftaan afaan barsiisuu walqunnamtiirratti akka xiyyeeffatu taasisa. Mallii kun adeemsa dandeettii fudhannaa afaan baruu keessaa tokko akka ta'e yaada kanarraa hubanna.

### 2. 4. Malleen Afaan Barsiisuuf Tajaajilan.

Malleen afaan barsiisuuf tajaajiilan keessaa kanneen akka mala seerluga jijjiirraa, mala kallattii, mala walququunnamtiin afaan barsiisuu, mal waliin dubbii, mala hala sochii nafaa fi

k.k.f hayyuun Krashen (1982) kitaaba isaa irratti ibsee jira. Kanamalees, mala tapha afaanii, hojii garee, gahee taphachuufi rakkina furuu fa'a, mala afaan barsiisuu keessaa isaan gurguddoo dha. Maloota armaan olii keessaa mala taphaan afaan barsiisuu yoo ilaalle; Hayyuun Larson-Freeman (1986) tapha afaanii fayyadamuun afaan barsiisuun ykn akka shaakalatasisuun dandeettii afaanii gama walquunnamtiitiin jiru ni dabala  jedha.

Hayyuun Harmer (1991; 38) yoo ibsu afaan baruufi barsiisuu keessatti bifa diraamaatiin gahee ykn qooda fudhachuun hirmaannaadhaan; fakkeessanii dhiyyeessuun odeeffannoo darbu dhaggeeffachuun deebii sirrii ta'e kennuu ni dandeessisa jedha. Tooftaa kana keessatti barsiisaan gahee adda addaa yookiin gahee walfakkatu barattoota kutaaf kennuu ni danda'a. Kanamalees, Wilkins, (1972) mala moofaa caasaa fi hiika jechootaa giddu galeessa godhateen afaan barsiisuurraa, mala wal ququnnamtiin afaan yoo barsiifne barataan yaada isaa ibsachuu danda'a jechuun ibsa. Malli kun yeroo ammaatti fudhatama olaanaa qaba. Akkasumas yaaddiddama walququunamtii keessatti dubbataan dubbachuu fedhuufi hawaasa afaan sana dubbatu keessatti yaada ykn ilaalcha isaa ittiin ibsatu ta'uu qaba. Yaaddiddamni kun walitti dhufeenya ykn walii galtee bu'uureffachuun yaada ittiin ibsachuuf afaan fayyadamuudha. Fknf, daree barnootaa keessatti barattoonni yaada tokko irratti wal falmuun ykn dorgomuun dhumararatti dandeettii afaan isaanii gabbifachaa walii galteen xumuru. Malli kun afaan barachuun dalagaalee haala qabatamoo ta'an keessatti afaan fayyadamuu yookiin ittiin waliigaluu, gocha hiika qabeessa ykn qabatamaa ta'etti gargaaramuu fi barnoota barattootaaf hiika qabeessa ta'e kennuun sadarkaa dandeettii waliigaltee isaanii kan cimsu ta'uu qaba.

Walquunnamtiidhaan afaan barsiisuu keessatti gaheen barsiisaa adeemsichaaf haala mijeessuu, to'achuudha. Kanajechuunis barattoonni yaada burqisiisuudhaan akka  mari'atan, shaakallii daree akka taasisan ni gargaara. Kanamalees, gaheen barsiisaa gorsaa, qorataa, qajeelchaa barattootaa ta'uudha. Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti muuxannoo isaa qooduun beekumsaafi dandettii isaatiin barattoota gargaara. Dalagaafi barreeffamoota barattoonni dhiyeessan xiinxaluun gorsa laachuufi adeemsota hogganuun gahee isaati.

### 2.4. Hariiroo Sirna Barnootaafi Kitaaba Barataa

Akka Brown (1994) ibsutti silabasiin qophaa'e tokko hojiitti hiikkame kan jedhamu kitaabni barataa yookiin meeshaaleen barnootaa silabasii bu'ura godhatanii qophaa'an daree keessatti hojiirra yoo oole dha. Akka yaada kanaatti meeshaaleen barnootaa daree keessatti fayyadamnu kitaaba waan ta'eef kitaabni immoo silabasii irratti hundaa'ee waan qophaa'uf hariiroon isaanii cimaa ta'uu isaa hubanna. Kanamalees, Brown, (2000) akka ibsetti kitaabni barnootaas sirna barnootaa keessatti tajaajila kan kennuudha jedha.

### 2.6. Maalummaafi Faayidaa Meeshaalee Barnootaa

Meeshaaleen barnootaa barnoota tokko qabatamaafi qabiyyee barnoota daree keessatti kennamu naannoo waliin walsimsiisanii dhiyeessuuf daran barbaachisaa dha. Akka Heinich (1993) ibsutti meeshaaleen barnootaa barnoota sadarkaa kamiiyyuu irratti kennamu dabarsuuf tooftaa bu'aa qabeessa ta'e jedha. Faayidaa meeshaalee barnootaa ilaalchisee Heinichfi kanneen biroo yammuu ibsan barnoota qabatamaa taasisuun muuxannoo duraan qabaniin walsimsiisaa akka hubatan ni gargaara. Kanaafuu, meeshaalee barnootaa keessaa silabasii, qajeelchiifi kitaabani baratаa isaan ijoo dha jedha.

## 2.7. Gahee Meeshaalee Barnootaa

Adeemsa baruu barsiisuu fiixaan baasuuf meeshaaleen barnootaa gahee olaanaa qabu. Isaanis: namni tokko afaan akka beeku taasisuudha. Namnni tokko afaan ni beeka kan jedhamu dandeettiiwwan afaanii isaan bu'uraa afranfi kaawwan yoo beekedha. Isaanis: dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu yommuu ta'an, dandeettiiwwan kaawwan baruufi barachuudhaan kan argamaniidha. Dubbachuufi dhaggeeffachuun dandeettiiwwan naannoorraa baruun argannu yoo ta'an, dubbisuufi barreessuun immoo mana barumsaarraa barachuun dandeettiiwwan argamaniidha. Meeshaaleen barnootaa barnoota afaaniin kennamu deeggaruu bira darbuun wantoota afaaniin ibsuu hin danda'amnellee ibsuudhaan qabatama taasisuuf akka oolan Walkin (1994) ibsee jira. Kanamalees; barattoonni sadarkaa tokkoffaa kana keessatti afaanicha sirriitti akka baratan, waa'ee afaanichaa sirritti akka hubatan meeshaaleen barnootaa gahee qaba.

Haalumakanaan, meeshaaleen barnootaa barsiisonni afaanichaa haalaan akka barsiisan, barattoonni isaanii beekkumsa waliigalaa akka qabaatan taasisuufi ofii isaanitii dubbisuu akka danda'an gargaara. Kanaafuu, meeshaaleen barnootaa kanneen sirna barnootaa keessatti hammatamanii qophaa'an kanneen akka silabasii, kitaaba barataafi qajeelchi barsiisa akkasumas galmeewwan jechoota sadarkaa adda addaatiin argaman namni tokko beekumsas ta'ee dandeettiiwwan kanneen guddisuuf tumsi isaan qaban olaanaadha.

## 2. 8. Maalummaa Silabasii

Silabasiin meeshaalee barnootaa keessaa qabiyyee kitaabaa tartiiba tartiibaan boqonnaaleetti qoqqoodee dhiyeessa. Akka Yalden (1987:87) ibsetti silabasiin cuunfaa qabiyyee barattoonni baratan kan dhiheessudha. Haaluma walfakkaatuun jennu qabiyyeen afaanii akka feeteen kan baratamu osoo hintaane tartiiba oleefi dalgee eegee dhihachuu qaba kanjedhudha. Akka Pit Corder (1973) jedhutti qophii silabasii keessatti ka'umsi qabiyyee waan kanaan dura barataan beeku ykn barateraa kan ka'u ta'uu qaba. Akkasumas Allen (1984) akka ibsutti toftaaleen

silabasiin ittiin qindaahu sadan isaan armaan gaditi. Isaaniis: inni jalqabaa, caasaa afaanichaa irratti kan xiyyeeffatu yemmuu ta'u, inni lammaffaan garuu tajaajiila afaanii ykn faayidaa afaan saniiti. Sadaffan ammo uumamaa kan jedhuu dha. Tartiibni isaatis salphaadhaa gara walxaxaa ta'ee caasaan afaanii sagalee irraa gara himaatti akka guddatu hayyuun kun ibsee jira.

Yaada kana Brumfit (1981) akka armaan gaditti ibsee jira; Tartiiba qindoomiina qabiyyee dandeettii afaan barsiisuu kan murteessu akaakuu silabasii barnoota tokkooti. Haata'u malee, akaakuu silabasii isa kamiyyuu keessatti qabiyyeen yemmuu filatamu isa kanaan dura barattoonni beekan irraa gara qabiyyee haaraa barattoonni hinbeeknetti kan deemu ta'uu qaba. Karaa birootiin Brumfit (1981) yemmuu ibsu qindeeffamni qabiyyee silabasi kaayyoo barumsichaatif dursa kennuu qaba. Haaluma kanaan ulaagaalee qindeessuu lamatu jira jedha: isaaniis, ulaagaa keessoo fi ulaagaa alaa jechuun beekkama. Ulaagaan keessoo ulaagaa afaanicharratti xiyyeeffatu yemmuu ta'u; ulaagaan alaa ulaagaa afaanichaan ala ta'an irratti kan xiyyeeffatu dha. Fakkeenyaaf ulaagaa alaatiin fedhii barattootaa irratti kan bu'ureffannu osoo ta'e qabiyyee silabasii qindeessuuf ulaagaa isaan armaan gadiiirratti bu'uureffanna. Isaanis: barataan yoo maal barate feedhii isaa ta'a, yoo maal barate bu'aa buusa, maaltuu danqaa itti ta'uu danda'a kan jedhuufi, maaltu barattootaan irra caala fudhatama qaba kan jedhuu dha. Silabasiin afaan barsiisuu keessatti barsiisaan maal akka barsiisu, qabiyyee akkamiifi maaliif akka barsiisu, kaayyoleefi mala barsiisuu, baratootaafi, eenyumma isaanii, meeshaalee, yeroofi bakka kan ibsuuyoo ta'u qajeelfama waliigalaa kennuun barsiisaafi ogeessoota afaaniitiif kan qophaa'udha. Kanamalees, Nation &Macalister (2010) akka ibsanitti silabasii barnoota baay'ee keessatti haalli dhiheessa isaa qabixiilee sasalphoo irraa gara qabxiilee ciccimootti akka deemu taasiisuun kan qophaa'u dha jedhu.

## 2. 9. Akaakuuwwan Silabasii Barnoota Afaanii

Qophii silabasii afaanii keessatti qabiyyeefi kaayyoo isaa irratti bu'uureffachuun hayyuun Nunan, D (1988) silabasii gosa adda addaatti qoduun danda'ama. Qoqqoodinsa akaakuuwwan silabasii keessaa isaan gurguddoon keessaa muraasni isaan armaan gaditti.

### 2.9.1. Silabasii Seerlugaa

Akaakuun silabasii akkanaa caasaa seerlugaa afaanichaa kanneen akka ammennaa, ibsamaqaa, yerooirratti bu'ureffachuun kan qophaahu yemmuu ta'u yeroo bay'ee xiyyeeffannoon isaa inni guddaan caasaa afaanichaa qofa barsiisuu dha. Gosti silabasii akkanaa caalmaatti adeemsa isa dhiyeessa bara durii kan hordofufi caasaa issaa afaanichaa

ka'umsa kan godhatu dha, (Wilkins, 1990).

### 2.9.2. Silabasii Tajaajilaa

Akaakuun silabasii kanaa waliigalte afaaniifi namoota gidduutti waljijjiira yaadaa jiru irratti xiyyeeffachuun namoonni afaaniin waan rawwatan irratti bu'uureffata, (Van Ek, 1990).

### 2.9.3. Silabasii Adeemsaa

Akaakuun silabasii kun dandeettii waliigaltee afaaniitiif xiyyeeffannoon akka kennamu kan deeggaruudha.Xiyyeeffannoon isaa barattoonni maal baratanii xummuru osoo hintaane, adeemsa baruufi barsiisuu dandeettiwwan afaanii adda addaa keessatti barattoonni adeemsa keessa shaakala maal hojjatan kan jedhu dha,(Candlin 1984; Clarke, 1991).

### 2.9.4. Silabasii Shaakala Afaanii

Akaakuun silabasii kun shaakalaa keessatti barumsichi barataa giddugaleessa akka taasiisuu fi qabiyyee maal haabaratan kan jedhu osoo hintaanee akkamitti baratu gaaffi jedhu deebisuuf kan yaalu dha. Kanaafuu silabasiin akkanaa kun mala adda addaatiin barattoonni akka shaakala irratti xiyyeeffatan gochuun kan qophaahu dha jechuudhaan Prabhu's (1979) ibsee jira. Akka yaada deeggartoota akaakuu silabasii kanaatti, barattoonni shaakala irratti akka xiyyeeffatan kantaasifamus, osoo itti hinyaadiin gaaffilee kennamaniif hojjachuuf jecha dandeettii afaanii isaan akka gabbifatan gochuuf kaayyeeffameeti jedhu, (Robinson, 2001)

Akka Ellis, (2003) ibsutti, xiyyeeffannoon inni guddaan kan laatamu seerluga afaan tokkoo adda baasuun xiinxaluu barsiisuu osoo hintaane akka shaakala adda addaa hojjatan gochuu dha. Walumaa galatti akaakuuwwan silabasii warra biroo irraa wanti isa adda taasisu shaakala dandeettii afaaniitiif xiyyeeffannoo kan kennuuf haalli dhiheessa isaas qabiyyee yookiin mala barsiisuu osoo hintaane barataa giddugaleessa kan taasisee dha.

### 2.9.5. Silabasii Jechoota Afaanii

Akka akaakuu silabasii kanaatti tarreewwan jechaa (dhiira, dubara, deemi…) kanneen loqodaafi jecha waliin hidhata kan qabuudha. Kunis barumsa afaanii keessatti jechoota barsiisuurraa kan kaanu yoo ta'e salphumatti barattoonni hiika afaan sanaa waan hubataniif afaanichaan waliigaluu danda'u yaada jedhu bu'ureffata.Yaada kan ilaalchisee Willis (1990, 129-130) isa armaan gadii barreessee jira. Fayidaan akaakuu silabasii akkanaa itigaafatamummaa barachuu barattootatti dabarsuuf kan gargaaru dha. Kanaafuu barattoonni tartiiba caasaa afaan tokkoo akka baratan gochuu mannaa kuusaa jechootaa adda addaa akka baratan gochuun achi keessatti waa'ee afaanichaa waan waliigalaa akka beekan gochuuf

gargaara jedha.

Walumaagalatti sirna barnootaa yemmuu jennu waan hedduu ofjalatti hammachuu akka danda'u fi sirni barnootaa sadarkaa biyyaatti qophaa'uu akka danda'u dhihaatee jira. Sirni barnootaa silabasiidhaa ol kan ta'eefi yaada bal'aa kan qabu dha.Silabasiin sirna barnootaatirratti hundaa'ee qophaa'a. Kanaafuu, sirni barnootaa haala sadarkaa biyyaatti qophaa'uu kan danda'u yemmuu ta'u silabasiin sadarkaa kutaatiin gadi bu'ee qophaa'a.Akkasumas barumsichi eessaa ka'ee gara kaamitti akka deemu, eessattis akka dhaabatu, ibsa.

## 2.10. Qabiyyee Barnootaa

Qabiyyeen kitaaba barnoota tokkootiif murteessaa dha. Akka hayyoonni Livin fi Tsang (1987) ibsanitti bu'aan qabiyyee barnootaa kan madaalamu fedhii barattoonni qabiyyee sana barachuuf qabani jedhu. Dabalataanis, qabiyyeen kitaaba tokkoo maal ta'uu akka qabu, Adaanee (2013:7) hayyuu Heinich, waabeffachuun yoo ibsu: barnoota qabatama taasisuuf qabiyyee barnootaa gola keessatti kennamu naannoo isaa waliin walsimsiisanii dhiyeessuun barbaachisaadha.

Kanamalees, meeshaalee barnoota qabiyyee barnootaa waliin garagaaramuufi qabiyyeen barnootaa qindoominaa, tartiiba, walitti fufiinsafi dagaagina qabaachuun isaa caalaatti barnootichi faayyidaa akka qabaatu taasisa jedhu. Akka Tashoomaa (1998). ibseetti qabiyyeen barnoota afaanii qindoominaafi tartiiba yoo qabaate baruumsichi caasaa gurmaa'e qabaachuu isaa nu huachiisa. Kanamalees, qabiyyeen walduraaduuba isaa eeggatee yoo qophaa'e adeemsa barnoota afaanii hala salphaafi ifa ta'een galma gahuu danda'a.Haaluma kanaan walitti fufiinsa qabiyyee ilaalchisee Tasfaayeen (1981) yoo ibsu walitti fufiinsa yeroo jennu gosa barnootaa tokko keessatti qabiyyeen tokko deddeebi'ee ka'udhaan kan dhufu ta'ee, yaada walyaadachiisuu kan of keessatti qabuu jedha.Walitti fufiinsi qabiyyee akka caasaa sirna barnootaatti, qabiyyeewwan barnootaaf oolan kutaa murtaa'aa keessattis ta'e kutaawwan itti aanan keessatti bifa walitti fufiinsa qabaniin ijaaramuu qabu dha. Sababni isaas, barataan tokko yaada sana irra deddeebiin yoo barate mata duree san gadi fageenyaan akka hubatuufi akka yaadachuu danda'uun caaseffamuu qaba. Akkaasumas, kutaa itti aanu faana walitti fufiinsi jiraachuu qaba. Yoo kana ta'u garuu irra deddeebii nuuffisiisaa ta'uu hin qabu. Kanamalees, qabiyyeewwan barnoota afaanii yennaa qophaa'u kaayyoo barnootichaa walin kan deemufi yaada hawwataa, hirmaachisaafi kan beekkumsa horachuuf nama gargaaru ta'uu qaba. Kanaafuu, qindoominni isaa oleefi dalgee ta'uu qaba. (Tashoomaa, 1998).

Qindoomini olee jechuun kutaarraa gara kutaatti kan guddatuudha. Kana jechuun, adaduma kutaan guddachaa deemutti qabiyyeen barnoota sanii salphaarraa gara wal xaxaatti yookiin salphaarraa gara cimaatti kan guddatuudha. Qindoominni dalgee immoo qabiiyyeen barnootaa kitaaba keessatti bal'ina qabaachuudha. Dagaaginni qabiyyee gabbina yaada kitaaba sana keessatti hammatame ilaallata. Kana jechuun, kaayyoon afaanichi sun baratamuuf akkuma jirutti ta'ee, haala qindoomina tartiiba yaadaa eeggateen kan qophaa'udha. Kunis qabiyyeen dhiyaatu sadarkaa isaatiin dabalaafi gadi fageenyaan cimaa akka deemu kan taasisuudha. Dagaaginni dhimma irra deddeebii osoo hin taane dhimma guddachaafi bal'achaa deemuu kan ilaallatuudha.Kanaafuu, (Tasfaayee, 1981) walitti fufiinsi qabiaayyee qofti gahaa miti, walitti fufiinsa keessa gabbinni yaadaa yookiin dagaaginni qabiyyeewwanii jiraachuu qaba. Sababni isaatis, walitti fufiinsa keessatti yaadni haaraa dame horachaa deema. Sana ta'uu baannaan barataan waan haaraa waan hin arganneef, baruumsa nuuffuufi, jibbuu danda'a jedha.

## 2.11. Maalummaafi Akaakuu Gilgaalotaa

Akka Richardsfi Renandyan (2001), Prahbu (1987) wabeeffachuun ibsanitti; gilgaalonni gochoota barattoonni odeeffannoo adeemsa baruumsaa irraa argatanitti Gargaaramuun hojiilee raawwatamaniidha Kanaafuu, adeemsi baruufi barsiisuu akka barbaadametti hojiittirra kan oolu sababaa gilgaalotaatini. Yaada kana ilaalchisee Nunan (1989); Breen (1987) wabeeffachuun faayidaa gilgaalotaa yoo ibsu; afaan kaayyoo tokko, qabiyyee mijataafi adeemsa hojii murtaa'an baratamuuf caaseffame gilgaalotaan gaggeeffama. Kanaafuu, barnootni afaaniitis akkuma barnoota biro hojii raawwatamuu qabu karaa gilgaalotaatiin waan raawwatamuuf qophii galgaalotaarratti xiyyeeffannoon kennamee qophaa'uu qaba.jedha Kanaf, yaadni hayyoota armaan olii maalummaa gilgaalotaarratti kan waliigalan yammuu ta'u; haalli dhiyeenyi isaatii sadarkaa isaa eeggatee barnoota afaanii keessatti qophaa'uun isaa barbaachisaa akka ta'e nama hubachiisa.

Akka Nunan (1889) ibsetti gilgaalli bu'aa barattoonni barnootarraa argatan, haala qabatama keessatti bu'aa dalagaalee kan murteessu qindoomina gaafilee adda addaati. Kanajechuun bifa ifaafi dandeettiwwan hunda shaakalchiisuu danda'uun kan qophaa'udha. Dabalataanis, Nunan (1989) yoo ibsu mala afaan waliigalteef barsiisuu keessatti dhihaannaa dalagaa irratti hundaa'ee galmaan ga'uuf gilgaalonni bakka guddaa qaba.

Kanaafuu, hayyuun kun haala itti fayyadama isaanii irratti hundaa'un bakka sadi'itti qooda.

A. Gilgaalota odeeffannoo hir'ate guutuuf dhihaatan.

B. Gilgaalota sababa ibsuu barbaadan.

C. Gilgaala yaada ofii ibsuu gaafatan.

Walumaa galatti, hayyuun kun gilgaalonni barnootaa akkaataa hubannaafi dandeettii barattooaa irratti hundaa'udhaan qindaa'ee sadarkeeffama jedha. Kanaafuu, dandeettiifi hubannoo barattootaa giddugala godhatee qophaa'uu akka qabu hubachiisa.

Nunan (1989), qorannoo gaggeesseerratti akka ulaagaa gilgaalonni gaarii barnoota afaanii ittiin qophaa'u lafa kaayee jira.

A. Barattoonni dandeettii afaanii barataniin hojjachuufi shaakaluu akka danda'a kan isaan taasisu;
B. Haala qabatama jiru irratti hundaa'udhaan kan dandeettiifi waliigaltee daree barnootaa keessatti shaakalchiisu
C. Barattoonni rakkoo furuufi karaa hubannaa yadaarra ga'uu danda'an kan gargaaru ta'uu;
D. Wantoota qabatamoo yookiin dhugaa ta'an irratti kan hundaa'u;
E. Barattoonni akka odeeffannoo waljijiiran kan hirmaachisu;
F. Barattoonni akka irra deddeebi'anii shaakalan kan taasisu;
G. Barattoonni ofitti amanamummaa dhaan kan walii galuu danda'an kan taasisu ta'uu qaba.
H. Nunan (1989); Breen (1987) wabeeffachuun qophaa'insi gilgaalotaa salphaafi ifa ta'an, ulfaatinsi isaa salphaa irraa gara ciccimoofi walxaxaa ta'anitti kan qindaa'ee dhihaatu dha jedha.

## 2.12. Walsimanna Qabiyyee Barnootaa Dandeettiifi Umriin

Akka krashen (2009) ibsutti afaan baruuf ykn barachuudhaaf umriin nama tokkoo murteessaa dha. Akka yaada hayyuu kanaatti umrii ga'eessumaatiin afaan barachuurra ijoollummaan afaan barachuun bu'aan qabu guddaadha jedha. Kanaafuu, kitaaba barnootaa keessatti dhimmoonni akka qabiyyeewwanii: bal'ina isaa, malli baruu barsiisuu mijataa ta'uu isaafi qabiyyeewwan waliin walsimatee, dandeettiifi umrii barattootaa wajjin kan deemu ta'uu qaba. Dabalataanis qabiyyeen kitaaba banootichaa fedhii barattootaa waliin deemuusaafi haala naannoo wajjin walsimee deemuu, akkasumas aadaa uummataafi jechoota safuu eeguu keessatti xiyyeeffannoo qabaachuu qaba. Kanamalees, afaan baratamu, afaan waalta'aa ta'ee, kan looga hundaaf ta'uufi dandeettiwwan afaanii hunda haala seeraan qindaa'een qabiyyee barnootaa keessatti hammatame ta'uu qaba.

## 2.13. Qabiyyee Dandeettiiwwan Afaanii Murteessuu

Akka Tasfaayeen (1981) ibsetti qophii kitaabaa keessatti baay'ina boqonnaa erga murteessinee booda qabiyyee barumisichaa ykn dandeettiwwan afaanii murteessuun hojii isa birooti. Dandeettiwwan afaanii yemmuu jennu sadarkaa barnoota hundarratti garaagarummaan mul'atu kan ciminni isaa dabalu ta'uu isaati malee waa'ee dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, seerluga, jechootafi og-barruu ilaallata. Kanatti aansee qabiyyeewwan dandeettiwwan kanneenii maal fakkaachuu qaba kan jedhu dhihaatee jira. Akka Harmer (2012)? ibsetti danddeettiwwan afaanii bakka gurguddoo lamatti qooda. Isaanis: dandeettiwwan afaanii gurguddoofi dndeettiwwan afaanii xixiqqoo jedhamu.

Dandeettiiwwan afaanii isaan gurguddoo kan jedhaman:-dandeettii dhaggeeffachuu, dubbachuu, barreessuufi dubbisuu yoo ta'an; dandeettii xixiqqoon ammo; dandeettii jechoota, dandeettii seerlugafi dandeettii og-barruu dha. Haaluma kanaan akka armaan gaditti tokkoon tokkoon isaanii ibsamaniiru.

### 2.13.1. Dandeettii Dhaggeeffachuu

Maalummaa dandeettii dhaggeeffachuu irraa yemmuu kaanu akka dandeettii afaanii tokkootti ragaa ykn odeeffannoo argachuuf kan gargaaru dha. Dhaggeeffachuun adeemsa walxaxaa dubbiin afaanii yookiin wanti dubbatamu tokko sammuu dhaggeeffataa bira ga'ee hiika itti argatudha (Baddiluu, 1989). Akka yaada kanaatti adeemsa walxaxaadha kan jedhamees jalqaba dhaggeeffataan dandeettii raga dhaggeeffatu sagalee dubbiitti addaan qooduun walitti fidee jechoota ijaara. Itti aansuun jechoota kanneen walitti qindeessee gaalewwan sana ammoo gara himaatti guddisuudhaan waanta dhaggeeffatu sana muuxannoo duraan qabu wajjiin walitti fidee hiika itti kenna. Kanaafuu, kitaaba barataa keessatti waa'ee dandeettii dhaggeeffachuu dhiheessina yemmuu jennu qabiyyee dandeetti kana guddifachuuf ta'u tooftaa fayyadamna jechuu keenya. Sababni isaas; dandeettiin afaanii kan argamu shaakalaan malee uumamaan waan hintaaneef, faayidaan dubbachuu namni tokko waan isatti dhagahame ittiin ibsachuufi ittiin walii galuufi. Kanaafuu, dhaggeeffachuun mana barumsaa keessattis ta'e mana barumsaatiin alatti dhimma baay'ee barbaachisaa fi danddeettii murteessaa ta'edha

Walumaagalatti, sadarkaa gadaanaarratti qabiyyee dhaggeffachuu dagaagsina yemmuu jennu kaayyoo danddeetti dhaggeeffachuu sadarkaa sanarratti barattooni baru jechuudha. Kanaafuu, qabiyyee dandeettii dhaggeeffachuu hojiirra oolchuuf; dhimmi gara birootiin ka'uu qabu, mala barsiisuu, meeshaalee qabatamaan mana barumsaa keessatti argamuu danda'an, meeshaalee deeggarsa barnootaa barattoota ittiin gargaarru jiraachuufi jiraachuu dhabuu isaa

dursanii hubachuun barbaachisaa dha. Fakkeenyaaf: waanta dhaggeeffatamu, gochaalee dhaggeeffannaa dura raawwatan, yeeroo dhaggeeffannaa wantoota raawwatan dhaggeeffannaan booda shaakala hojjatamufi madaallii dandeettii dhaggeeffachuuf ta'u jiraachuun barbaachisaadha.

### 2.13.2. Dandeettii Dubbachuu

Kitaaba barataa qopheessuu keessatti qabiyyee dandeettii dubbachuu qopheessuun dura maalummaa isaa irraa ka'uu qabna. Dandeettiin dubbachuu waliigaltee afaanii keessatti odeeffannoo nama birootiif kennuuf faayidaa guddaa kan qabuudha. Karaa birootiin dandeettiwwan afaanii yaada, fedhii yookiin miira keenya nama birootiif ittiin ibsinu keessaa isa tokkodha. Kanaafuu, kitaaba barataa keessatti qabiyyee fedhii, sadarkaafi dandeettii barattootaa eegsisu waliin deemu qabna. Dubbachuun adeemsa dubbataafi dhaaggeeffataa gidduutti yaada waljijjiiruuf taasifamu dha.

Adeemsa dubbachuu keessatti dubbataan yeroo dubbatu wantoota hedduu murteessuu qaba. Fakkeenyaaf, maal akka dubbatu, akkamiitti akka dubbatu, fedhii dhaggeeffataa adda baasuu akka qabufi, yeroo kenname keessatti akkamitti waan dubbatan akka xummuurun danda'amu qabiyyee kitaabaa keessatti hammatamuu qaba. Adeemsa kana keessatti barattoonni tokko tokko dubbii yemmuu dhiyeessan sagaleen isaanii niciccita, tokko tokko immoo suuta jedhaniit dubbatu, tokko tokko ni ariifatu. Barattoonni suuta jedhanii dubbatan dhaggaeffettoota ofitti harkisuu hindanda'an. Wanta gaarii ta'e tokko osoo dubbatanillee hinhubataman yookiin ergaa dabarsuu hindanda'an. Kanaafuu, adeemsi kun akka hin uumamne gochi yookiin gilgaalonni qabiyyee keessatti hammataman rakkoo akkanaa kan furu ta'uu qaba. Tamasgeenifi Tashoomaa (2015).

### 2.13.3. Dandeettii Barreessuu

Dandeettiin barreessuu dandeettiwwan afaanii gurguddoo arfan keessaa isa tokko. Namni barreessu nama dubbisu tokkoof odeeffannoo kenna. Ergaa isaa sana kan fudhatu nama dubbisuu danda'u. Dandeettii kana shaakaluudhaaf akka dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu yoomessa uumamaa keessatti osoo hin taane yoomessa qophaa'ef keessa galuun barbaachisaa dha. Dandeettiin kun dandeettii xixiqqoo of jalaa qaba. Isaanis: qubeessuu, sagalee haala seera afaanitiin qindeessanii jecha barreessuu, tartiiba caaslugaa eeganii hima ijaaruu, himoota haala ergaa sirrii dabarsuu danda'anitti tartiibaan hiriirsanii keeyyata ijaaruu, keeyyatootas amma matadureen ibsamu sun ibsuudhaan barreeffama tokko barreessuun dandeettiwwan murtaa'oo dandeettii barreessuuti. Dablataanis, qubguddeessaafi sirni

tuqaalees qaama dandeettii kanaati. Dandeettin kun yeroo baay'ee irra deddeebi'anii shaakaluudhaan barama. Kanaaf immoo dalagaaleen shaaka adda addaa qaban jiraachuu qabu. Cain, k.and Oakhill, J.V. (1999).

### 2.13.4. Dandeettii Dubbisuu

Dubbisuun guddina beekumsa afaan nama tokkoo keessatti bakka guddaa qaba. Yaada kana ilaalchisee akka. Nuttall (1982) jedhutti, dandeettii afaan keenya isa jalqabaas ta'e isa booda barannu guddisuuf afaanichaan dubbisuun meeshaa gaariidha. Qorattoonni Omid Pourkalhor fi Nasibeh Kohan (2013) kanneen jedhamaan toora intarnetii irraa kan argame, dubbisuun dandeettii qeenxee miti jedha. Kana jechuun dandeetti heddun kan qindaa'e dha. Kanamalees, maalummaa dubbisuu ilaalchisee akka Grellall (1981) jettutti immoo, dubbisuun waan barreeffame tokko hubatanii, yaada keessatti dhiyaate qajeelchanii, qayyabatanii barachuudha. Kitaaba barataa keessatti qabiyyee dandeettii dubbisuu murteessuu jechuun sadarakaa barataafi fedhii isaa waliin waan deemuu danda'u akkuma qajeelfama sirna barnootichaatiin yookiin silabasiitiin dhiheessuu jechu dha.

Adeemsa kana keessatti yeroo hunda barattoonni dandeettiin dubbisuu maal akka ta'ee? Maalif akka isaan fayyadu? Akkamitti akka shaakalu qaban? Ilaachisee waan isaan qajeelchu kitaaba keessaa argachuu qabu. Maalummaa isaa ibsuu keessatti dubbisuun gocha, hiika yookiin ergaa waan barreeffame yookiin waan maxxanfame irraa argachuu akka ta'e ibsuurraa ka'uu dandeenya. Dandeettii dubbisuu barsiisuu keessatti kitaabni bartaa dandeettii kana ilaalchisee ibsa gahaa ta'e kennuun barbaachisaa dha. Fakkeenyaaf ibsawwan dubbisuu jechuun yaadachuu daanda'uu, muxannoon walqabsiisuu, ergaa barreeffamaa hubachuu, itti fayyadamuufi haala ittiin hubatanii xiinxalanii ergaa fudhachuu akka gaafatu yaadachisaan kaahuun ni barbaachisa. Akkasumas kaayyoon barnootaa danddeettii dubbisuu barattoonni gargaarsa malee, waan haarawaa tokko saffisa fudhatama qabuun callisanii dubbisanii hubannoo gahaa akka argatan taasisuudha jedhu. Kana hojiirra ollchuuf qabiyyeefi shaakala kanaaf ta'u kitaaba keessaa argachuu qabu.

Qophii kitaabaa keessattis akkuma sadarkaa kutaa sanaatti kitaabonni qindeeffama sirrii qabatanii dhihaachuu qabu. Akkuma sadarkaafi dandeettii barattootaatti shaakalli dandeettii barreessuu salphaarraa gara cimaatti guddachaa kan deemu tahuu qaba. Kana yoo jennu gochi barattootaaf dhihaatu iddoo duwwaa xixiqqoo gutanii akka barreessan, yookiin yaada calqabamee hindhumne guutanii akka barreessan yookiin mata duree kennameef irratti hundaa'anii akka barreessan, yookiin mataduree filatanii akka barreessan kangaafatu tahuu

danda'a. Walumaagalatti barattoota irratti jijjiirama fiduuf qindaa'inni haala kana jiraachuu qaba.

### 2.13.5. Dandeettii Fayyadama jechootaa

Barnoota afaanii sadarkaa kamiyyuu keessatti barattoonni dandeetti fayyadama jechootaa akka qabaatan barsiisuun baay'ee barbaachisaa dha. Jechoonni yaada fedhiifi muxannoo adda addaa sammuu keenya keessatti uumamu ittiin bakka buufnee kuufachuuf kan gargaaranii dha.

Wantoonni isaan sammuu keenya keessatti uuman marti hiika waaliigalaa hawaasni afaan sana dubbatu jechoota sanaaf kennu calaqqisiisu. Barumsa dandeetti fayyadama  jechootaa barsiisuu keessatti kitaaba barataa kutaa sanaa namini qopheessuu qabixiilee isaan armaan olii xiyyeeffannoo keessa galchuu qaba.

### 2.13.6. Dandeettii Seerlugaa

Dandeettiin seerlugaa dandeettii dubbachuufi barreessuu waliin hariiroo qaba. Akka caasaa afaanitti sagalee, dhamsagoota, latilee jechoota, gaalee hima, hiika ilaallachuu danda'a. Qabiyyeewwan seerlugaa kunneenis sadarkaa adda adda keessatti tartiiba isaanii eeganii kitaaba barataa keessatti dhihaachu qabu. Garuu yeroo baay'ee afaan barachuu jechuun hunda caalaa seerota ykn caasaalee afaan sanaa sirriitti beekuudha

### 2.13.7. Qabiyyee Dandeettii Og-barruu

Danddeettiwwan afaanii xixiqqoo keessaa inni tokko danddeettii ogbarruuti. Og-barruun gosoota ogumma keessaa isa tokko dha. Gosti ogummaa kanaa garuu bifa adda addaatiin hiikamee jira. Faaydaan hojii og-barruu tokkoo hojii waa'ee dhimmoota bu'uuraa namootaa irraatti oddeeffannoo dhiyeessutiin madaalama. Naamoonni afaaniin yoo waliigalan dhimmi bu'uura darbu ergaadha. Barreessaan kan barreessu waa'ee jireenyaati. Kunis gocha qofaan osoo hintaane ittifayyadama afaaniitunis ni ibsama kaanaafuu og- brruun meeshaalee ittin barsiisuuf fayadan keessaa bu'a qabeessa waan ta'eef barnoota afaanii keessatti gumaacha guddaa qaba. Kanaafuu kitaaba barataa kutaa adda addaa keessatti qabiyyeen seeraan filatameefi qindaahame shaakala quubsaa waliin jiraachuu qaba. Kanaafuu, barnoota afaanii og-barruudhaan deegaranii barsiisuun faayidaa guddaa qaba. Tamasgeenifi Tashoomaa (2015).

## 2.14. Ulaagaa Kitaaba Baratаa Gaarii

Kitaabileen barnootaa ulaagaalee garagaraatiin filatamu. Akka Richardsfi Renandyaan (2002) ibsanitti kitaabni barnootaa, kan barsiisuu qofa osoo hintaane; kanmadaaluus ta’uu qaba jedhu. Kana malees, akka hayyoota kanaatti kitaabni barnootaa gaariin umurii, fedhiifi garaagarummaa dhuunfaa barattootaa kan giddu galeessa godhate, haala jiruufi jireenya barattootaa kan wal simsiise, kaayyoo barnootaa hunda of keessatti kan hamate, gilgaalota shaakalchiisuu danda’u qabaachuu isaa, hamilee barattootaa kan ijaaruu ta’uu isaa, kan mirkaneeffateefi dogoggora maxxansaarra bilisa ta’uu qaba jedhu. Haaluma walfakkaatuun (McDonough and Shaw, 1993). Ulaagaa kitaabni barnootaa guutuu qabu ilaalchisee, haala itti aanuun ibsanii jiru. Daangaa, iftoomaa, salphummaa, yaadrimee, barbaachisummaa qabaachuu qaba jechuun ibsu.

Kanamalees, akka Richards (2001), Cunningsworth (1995), eerudhaan ibsutti ulaagaaleen kitaabni barnootaa ittiin madaalamu bakka gurguddaa afuritti qooduun nidanda’ama jedhu. Isaanis:

A. Kitaabichi fedhii barattootaafi kaayyoo barnootaa galmaan ga’uu kan qopha’e ta’uu qaba.
B. Barnooticha dhimma baratamuuf hojiirra oolchuun barattoota bu’a qabeessa taasisuun dhiyeessuu qaba.
C. Adeemsa baruufi barsiisuu haalaan mijeessee; maloota baruufi barsiisuu hunda fayyadamuuf mijataa kan ta’e ta’uu qaba.
D. Barnoota baratamu keessatti gahee gargaaruu kan qabuufi karaa barattoota hirmaachisuu danda’uun kan qophaa’e ta’uu qaba.

Akka Brown (2000), Robinet (1978), wabeeffachuudhaan ibsetti ulaagaalee madaallii kitaaba barnootaa bakka kudha lamatti qooda. Isaanis:

A. Kitaabichi kaayyoo barnootaa galmaan ga’uu danda’aa?

   Biyya tokko keessatti sirni barnootaa yoo bocamu kaayyoo mataasaa qaba. Kanaafuu, kitaabonni qophaa’anis kaayyolee yaadaman kan galmaan ga’an ta’uu qabu.

B. Kitaabichi seenduubee barattootaa kan giddugaleeffatee?

   Yaadni kun, haala jireenya barattootaa, umriifi aadaa barattootaa giddugala godhatee kan qophaa’e ta’uu qaba.

C. Haalli dhiyaannaa kitaaba barnootaa dandeettii xiinxala sammuu barattootaa walii walmadaaluu qaba.

D. Qabiyyeen kitaaba qophaa’uu, dandeettiwwan afaanii hunda haala wal madaaluu

danda'uun qindaa'ee qophaa'uu qaba.

E. Kitaabichi qabiyyeewwan waliigalaa kan hammate ta'uu qaba.

   Akka yaada kanaatti matadureewwan kitaabicha keessatti dhiyaatan haala yeroo wajjiin kan deemu ta'uufi ta'uu dhiisuusaati. Kana malees, sadarkkaa kutaa sana madaaleeqophaa'uu danda'usaa kan hubatudha.

F. Qophii kitaabaa keessatti dalagaaleen hammataman barattoota hirmaachisuun hojiin akka agarsiisan kan gargaaruu danda'uu?

   Kana jechuun, gilgaalonniifi shaakaloonni too'atamoo ta'uusaanii, ajajoota ifa ta'an qabaachuusaa, barattoota hirmaachisuu danda'uusaafi kitaabichi gilgaalota keessa deebii qabaniin qindaa'usaa kan ilaallatudha.

G. Haalli qophii kitaabaa hiika jechootaa ilaalchisee xiyyeeffannaa gahaa kenneeraa? Kana jechuun, shaakalli hiika jechootaa sadarkkaa kutaa sana waliin walmadaaluu danda'aa?

H. Tartiibni yookiin duraaduubni kitaabichaa haalaan kan qindaa'edhaa?

I. Kitaabichi haala jireenya barattootaa kan bu'ureffatee?

J. Kitaabichi ofitti nama hawwataa? Yeroo dheeraa tajaajiluu danda'aa?

K. Kitaabichi itti fayyadama meeshaalee barnootaatiif mijataadhaa?

L. Qajeelchi baratan mala baruufi barsiisuu hirmaachisaa ta'etti akka fayyadamu gargaaraa? Kanamalees, kitaaba baratan waliin walsimaa?

   Qabxiileen armaan olitti tarreeffaman qabiyyeen kitaaba tokkoo gadi fageenyaan xiinxalamee ciminaafi hanqina addaan baasuuf gargaara.

**BOQONNAA SADII**

# 3. XIINXALA QORANNICHAA

Mata duree kana jalatti ibsa kitaabilee, saxaxa qorannichaa, madda ragaalee, iddattoofi iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaalee, adeemsa ragaa walitti qabuufi mala qaaccessa ragaaleetu dhihaata.

## 3.1. Ibsa Kitaabileefi Qajeelchota Barsiisotaa Kutaa 6ffaa

Akkuma qajeelcha barsiisaa kutaa 6ffaa irraa hubannuutti kaayyoon afaanii dandeettiwwan afaanii beekuufi dagaagsuudha. Kanaafuu, akkuma kaayyoo afaan barachuu kamiiyyuu kaayyoleen Afaan Oromoo barachuu isaan gurguddoon dhagahuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu danda’uudha. Kanaafuu, xiyyeeffannoon guddaan barnoota kutaa kanaas kanuma akka ta’e qajeelchota barsiisaa filataman irratti ibsamee jira. Kaayyowwan kana galmaan ga’uuf tattaaffiwwan taasifaman keessaa inni guddaan qophii meeshaalee barnootaati.

Gosoota meeshaalee barnootaa adeemsa baruufi barsiisuu keessatti iddoo guddaa qaban keessaa kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaafi silabasiin isaan ijooti. Kitaabonni kunniin barannoowwan adda addaa qabiyyeewwan garagaraa kanneen dandeettiwwan fudhannaa afaanii gonfachiisuuf qophaa’an gilgaalota adda addaa waliin dhiyaatee jira. Akkasumas qajeelchi barsiisaas kaayyoo, qabiyyee, mala baruu barsiisuu, darbee darbee yaadannowwan gaggabaaboo qabiyyeewwan kitaaba barataa keessatti dhiyaatan tumsuun kaayyoo barumsichaa galmaan ga’uuf gaheefi dalagaa barsiisichaa waliin qophaa’ee hojiirra oolee jira. Haata’umalee hir’inni adda addaa iddoo adda addaatti ni mul’ata. Haalli kun adeemsa baruu barsiisuu irratti gufuu ta’uu danda’a.

## 3.2. Saxaxa Qorannichaa

Malli qorannoon kun itti geggeeffamu mala qorannoo akkamtaa jedhutti gargaaramuudhaani. Qorannoon kun walsimannaa dandeettii fudhannaa afaanii qabiyyee kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 6ffaa barsiisuuf kaayamanii kan bara 2014 maxxanfamerratti gaggeeffamee dha. Qorannoo kanaaf ragaalee maddoota adda addaa irraa argaman qaaccessuuf mala ibsaatti fayyaadameera. Sababni malli kun filatameeafis amanamummaa qorannoo kanaaf ragalee bifa ibsaa ykn af-gaaffiifi himaatiin argamuu danda’u qaaccessuuf mijaawaadha jedhee waan amaneefi. Mala kana Addunyaa, (2011) yoo ibsu malleen qorannoo hujoof bu’uura ta’an keessaa inni tokko mala akkamtaati.  Malli kun odeeffannoo aslii kan rakkoo qoratamuu san gadi fageenyaan dhiyeessuun argannoof haala mijeessuurratti humna qaban xiyyeeffata jedha.

Dabalataanis, akka Creswell, (2009) ibsutti maloota ragaa ittiin ibsannu sadan keessaa inni tokko mala akkamtaa akka ta'e barreessee jira. Kanaafuu, malli akkamtaa odeeffannoo dhimmaa qorannichaaf ta'u gadi fageenyaan xiinxaluuf mala mijaawaa ta'uu isaati.

## 3.3. Madda Ragaalee

Akka madda ragaatti sakattaan harshammee/galmee silabasiiwwan afaanii, kitaabilee barattootaafi qajeelchota barsiisaa irratti taasifameera. Kanamalees, maddi ragaalee tokkoffaa dhimma bahaniiru. Isaanis: barsiisota Afaan Oromoo kutaa 6ffaa barsiisaniifi qopheessitoota sirna barnoota olaanaa Afaan Oromooti. Sababni maddi ragaalee kunniin filatamaniif adeemsa baruu barsiisuurratti hariiroo kallattiidhaan dhimmicha xiinxalamu wajjiin kan qaban waan ta'eefidha. Kanarraa ka'uudhaan barsiisota Afaan Oromoo manneen barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee Kutaa Magaalaa Gullallee Aanaa 8 keessatti argaman keessaa mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu Sadarkaa tokkoffaa Lakkoofsa 2 yammuu ta'an barsiisonni kunniinis kan filatamaniifis kitaaba filatame irratti muuxannoo yeroo dheeraa waan qabaniif odeeffannoo bal'aan argamuu waan danda'uufi dha. Kanamalees, gosti madda ragaa kun dirqama barreeffamaan yookiin af-gaafiin funaannmuu hin qabu ragaan bifa harshammeetiin taa'es madda ragaa tokkoffaa ta'uu danda'a jedha.

Haaluma kanaan, akka madda ragaa tokkoffaatti kitaaba barataafi qajeelchota barsiisaa kutaa 6ffaa bal'inaan akka sakatta'amu yoo ta'u, barsiisota kutaa kanatti barsiisaniifi ogeeyyiin barnootaa adda addaas hirmaachisuun kan raawwatame dha.

## 3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Qorannoo kana gaggeessuuf mala iddattoo miti carraa fayyadamuuf filadheera. Kanamalees, gosa iddateessu miti carraa keessaa tokko kan ta'e iddateessuu akkayyoo ykn kaayyeffamaatti fayyadameera. Sababni isaas, iddatoon filatamu qabiyyee qorannichaafi kaayyoo qorattichaa irratti waan hundaa'ufi. Akkayyoo kan jedhames; akka kaayyoo qorannichaatti yookaan qorattichaatti odeefataa ykn deebistoota filachuu waan ta'eefi. Addunyaa, (2011:67) yoo ibsu akkaayyoon odeeffannoo barbaachisaafi qabatamaa qaama hubannoo waa'ee dhimmichaa qaburraa kallatumaan ragaa argachuuf yaadamee kan raawwatamuudha. Kanamalees, Akka Creswell, (2012 ) ibsutti iddattoo jechuun bakka bu'oota jamaa ykn qooda fudhattoota (hirmaattota) jechuudha.

Haaluma kanaan malli iddatteessuu qorannoo kanaa barsiisota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee Kutaa Magaalaa Gullallee Aanaa 8 keessatti mana barnoota sadarkaa tokkoffaatti barnoota Afaan Oromoo kutaa 6ffaa barsiisaniifi barsiisaa jiranirratti yoo fuulleffatu, baay'inni isaanii

akkuma waliigalaattu shan qofa waan ta'aniif, lakkoofsaan muraasa ta'uurraa kan ka'e iddattoo hundaa hirmaachisaatti fayyadamuun barsiisota hunda filadheen jira. Sababni isaatis barsiisonni kun kallatumaan meeshaalee barnoota ykn kitaabota kanneenitti waan tajaajilaniif qabiyyee barnootaa kanneen irratti namoota kaawwan caalaa muuxannoo waan qabaniifidha. Akkasumas sababni manni barnootaa kun filatameef hojiidhaan mana barumsaa kana waanan turef qorannoo kanaaf haala mijaawaa uuma jedhee amantaa waanan qabuufi. Sababni ogeeyyiin barnootaa filatamaniif hundacaala haala qophii meeshaalee barnootaa waan beekaniifi waan isaan ilaallatuufidha. Kanamalees, ragaalee qabatamaa ta'e argachuu waanan danda'uufidha.

## 3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Malli odeeffannoon qorannoo kanaa ittiin funaaname keessaa inni jalqabaa tokko sakatta'a dookumentiiti. Wanti sakatta'amus qabiyyeewwan kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 6ffaafi qajeelcha barsiisaa,Silabasiiwwan barnootaa qabiyyee kanaaf dhiyaatani. Kitaabichis boqonnaa 10 kan qabu yoo ta'u, boqonnaalee kunneeniif qabiyyee barnootaa keessatti barsiifamee xumuramu qajeelcha barsiisaa keessatti kennamee jira. Cheeklistii qopheeffachuudhaan qabiyyeen barnootaaf kenname kun barattoota kan hirmaachisuufi dhiisuu isaa sakatta'uun dhiyeessuudha. qabiyyeemti kenname jiru immoo, qixa sirriin hojiirra oolaa jiraachuu isaa beeksisoota waa'ee gilgaalonni barnootaa ilaallatu hundi sakatta'amee jira.
Adeemsa qorannoo kanaaf odeeffannoo qindaawaa, qabatamaafi amanamaa ta'e argachuuf meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamu qindeesseera. Isaanis: xiinxala ykn sakatta'a haarshammee,af-gaaffiifi Daawwannaa fayyadameera.

### 3.5.1. Sakatta'a Harshammee

Meeshaalee funaansa ragaalee kanneenitti fayyadamuun ragaalee barbaachisoofi qulquluu ta'an argachuun ni danda'ama. Kanaafuu, qabiyyee kitaaba filatameefi qajeelchota barsiisaa ulaagaalee adda addaa kanneen akka silabasii afaaniifi ulaagaalee madaallii kitaabaa hayyoonni qopheessan irratti hundaa'uun mala akkamtaatiin ga'uumsa kitaabaa ykn qabiyyee dandeettii fudhannaa afaanii madaalawaa qabaachuu isaanii sakatta'uu ta'a. Yaada kana ilaalchisee Dastaa (2013) akka ibsetti "…. Dokumantoota akka ragatti gargaaramne kanneen osoo itti hin fayyadamin dura dhugummaa isaanii hubachuun barbaachisaadha. Dhugummaa isaanii mirkaneeffachuuf immoo qeequun barbaachsaadha. Qeequun qeeqa keessaafi qeeqa alaa jedhee bakka lamatti qoodama." Akka yaada hayyuu kanaattii madda ragaa sakatta'a harshammee xiinxallii keessa seenuun dura sirrummaa isaa mirkaneessuun akka barbaachisuufi sakattaan harshammee akka madda ragaa qorannootti kan nama fayyadan ta'uu isaati. Haaluma kanaan qabiyyeewwan kitaaba kana keessatti dhiyaatan boqonnaa boqonnaadhaan gabateetti fayyadamuun ibsi kan itti kennamu ta'a. Kanamalees haala

ulaagaalee kitaaba gaariifi silabasii afaanitiin ilaaluun ibsi kan itti kennamu ta’a.

### 3.5.2. Af-gaaffii

Mala qorattuun odeeffannoo ittiin walitti qabatte inni lamaffaan afgaaffiidha. Sababni malli kun filatameefis, afgaaffiin odeeffannoo sakatta’a dokimentii jalaa harca’anii hafan gadi fageenyaan ibsee argamsiisuu irratti mijataa waan ta’eefidha (Kumer, 1996:105).Malli ragaa funaansaa inni kun immoo barsiisotaaf kan qophaa’edha. Kunis, karaa lama ilaalameeti. Tokkoffaan, baay’inni barsiisota Afaan Oromoo mana barumsaa kanatti barsiisaa jiran muraasa waan ta’aniif yeroo hedduu hin gaafatu. Inni lammaffaa immoo, gaaffilee kallattiifi qaxxaamuraa dhiyeessuun ragaa yookiin odeeffannoo quubsaa ta’e waan argamsiisuufi. Qorattuunis, dhugaa jiru kana bu‟uura godhachuun haala gaariitiin madda ragaa qorannoo kanaa ta’uu danda’u kan jedhu mariisisteetti. Qorattuun fiixaan ba’insa qorannoo kanaatiif madda odeeffannoo ta’anii yaada isaanii bilchinaafi gadi fageenyaan ibsuu danda’u jettee kan itti amante mala iddatteessuu ammargeetti gargaaramuun barsiisota mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu Lakkoofsa lama Sadarkaa 1ffaa Afaan Oromoo kutaa 6ffaa barsiisan afur mana barumsichaa tokkoof muuxannoo qaban gargaaramteetti

Meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa inni biraa af-gaaffii dha. Sababni duraa afgaaffiin kun dhihaatef ammoo, yaada odeefkennitoonni kennan ragaalee sakatta’a harshammee waliin walbira qabuun ragaa qabatamaa ta’e argachuufidha. Af-gaaffiin qorannoo akkamtaa keessatti meeshaa funaansa ragaa murteessaafi hubannoo namoonni waan tokkorratti qaban baruudhafis ta’ee namoota kaawwan hubachuufis mala cimaadha. Haaluma wal fakkaatuun Dastaa, (2013) yoo ibsu,”Af-gaaffiin kan qoratafi odeef-kennaan fuulleetti walarganii odeeffannoo walii kennani.” jedha.

Meeshaan odeeffannoo funaanu kun gaaffii afaanii dhiyeessuufi afaaniin deebii kennuurraatti kan hundaa’ee. Baay’inni gaaffii dhihaatanii sagal barsiisotaa yommuu ta’an gaaffileen sadi immoo qopheesitoota sirna barnoota olaanaa Afaan Oromooti; isaanis gaaffiilee banaa ta’anii kan caaseffamaniifi kan walqabataa deemanidha. Odeeffannoo gahaa argachuuf gaaffiilee kunniin gahaadha. Sababin isaa, gaaffiilee saglan kunniin odeeffannoo bal’aa waan ofkeessaa qabaniifi yaada guutuu argachuun ni danda’ama. Kanamalees, gaafii banaa waan ta’eef yaadni bal’aan argamuu waan danda’uufi.Sababni lammaffaa meeshaa kana fayyadameef kallattiin odeeffattootatti dhiyaatadhee, odeeffannoo qorannoo kootii galmaan naaf gahu jedhee yaadee ifaaf ifatti gaafadhee deebii argadhe waraabbiifi barreeffamaan sassaabachuu waan danda’uuf itti gargaarameera. Haaluma kanaan odeefkennitoonni waan kanaan dura beekan, raawwatan, arganiifi dhagahan akka ibsaniif gaaffilee banaa ta’ee kan caaseffamee qopheessuun namoota akkaa kaayyootti filataman barsiisota shaniifi qopheessitoota sirna

barnootaa lama bira deemee gaaffilee afaaniin gaafadhee deebii isaanii kaameeraatti fayyadamuun, sagalee waraabbachuun wantota ifa naaf hin ta’iin immoo yaadannoo qabachuun, irra deebi’ee gaaffadhee odeeffannoo sassaabadheeti.

Kunis kan raawwate barsiisota mana baruumsa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa tokkoffaa lakkoofsa 2fi hojjattoota biiroo barnoota Oromiyaa magaalaa Finfinnee keessatti yoo ta’u mana baruumsaafi bakka hojiitti deemuun amala gaariin itti dhiyaadhee kaayyoo qorannoo daran ibsuun erga mariisisee booda beellama qabachuun, guyyaa beellamaatti meeshaalee barbaachisan qabaachuun deemee odeeffannoo barbaachisa guurradheera.

### 3.5.3. Daawwannaa

Daawwannaa Daree Deebiiwwan barattoonnifi barsiisonni qaamota qorannoo adda addaa ilaalchisanii laatan kan hojii baruufi barsiisuu walgituu dhiisuu malu. Qaawwa walgitiinsa dhaba deebiiwwaniitin dhalachuu malu kana duuchuuf, tooftaan daawwii daree caaseffame (Structured Classroom Observation Technique) kutaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 6ffaa keessatti hirmaannaan barattootaa adeemsa fudhaannaa dandeettii afaanii jiraachuufi dhibuu isaa mirkaneessuuf, tooftaaleen barnoota dandeettii fudhannaa afaanii ittiin barsiisan hanqina qabaachuufi qabaachuu dhiisuu isaa mirkaneessuuf, akkaataawwan barsiisonni Afaan Oromoo kutaa kana barsiisan walhubannoo kutaa(classroom interaction) itti uuman sakatta’uuf, akkasumas, hirmaannaa barattoonni dandeettii fudhannaa afaaniirratti qaban hagam akka ta’e ittiin ilaaluuf,muxxannoo barumsa dandeettii fudhannaa afaan Oromoo barsiisotaafi barattootaa (haalota kutaa, maloota barsiisuu, shaakala dandeettii fudhannaa afaanii waliigalaa hirmaannaa barattootaa dagaagsuu, fi kan kana fakkaatan) ilaaluuf qophaa’en daawwiin daree adeemsifamee jira. Sababni meeshaaleen kun kaayyoo kanaaf filatames, hojiirra oolmaa sirna barnootaa ykn dandeettii fudhannaa afaanii tooftaa kanaan osoo sakatta’amee wanta ijaan mul’atu tokko argachuuf salphaa waan ta’eefi (Sowell,1996:216). Muxannoon baruuf barsiisuu dandeettii fudhannaa afaanii barsiisotaafi barattootaa wayitii daqiiqaa afurtamii shaniif si’a sadiif daawwatamee jira. Adeemsa kana keessatti qorattuun akka barataatti hirmaachuudhaan osoo hintaane daawwattuu ta’uudhaan Fulbaana 8-Fulbaana15 tti dareewwan “A”, “B”, “C” (mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu Lakkoofsa 2 sadarkaa tokkoffaa keessatti) daree hunda daawwattee jirti.

## 3.6. Adeemsa Ragaa Walitti Qabuu

Qorannoo kanaaf ragaan karaa xiinxala kitaabaa ykn sakatta’a harshammee, af-gaaffii barsiisotaafi ogeeyyii barnootaa  akkasumas daawwannaa daree barnootaa irraa akka walitti

qabamu armaan olitti ibsamee jira. Adeemsi ragaan haala kanaan funaanname immoo, jalqaba qabiyyeewwan dandeettii fudhannaa afaanii barsiisuuf kitaabaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 6ffaaf qaphaa'an maal akka fakkaataniifi bifa meeshaalee barnootaa walbiraqabuun akka ulaagaalee hayyoonni madaallii kitaabaatiif teesisaniin hanqinoota sakatta'uu ta'a. Ragaalee kitaabota keessa jiran xiinxaluu akka tolu boqonnaa muraasa muraasaan qoodee gabatee keessatti dhiyeessuun jala gabateewwaniitti ibsi kennama. Itti aansuun; af-gaaffii barsiisotaafi ogeessota barnootaatiif qophaaye waliin ragaalee kurfeessuu ta'a.

## 3.7. Mala Qaaccessa Ragaalee

Ragaan sakatta'insa kitaabotaafi qajeelchota barsiisaa, Daawwannaa daree akkasumas af-gaaffii barsiisotaafi qopheesitaata sirnabarnootaarraa argamu mala akkamtaatiin qaaccessama. Dursa, ragaawwan sakatta'aman addaan baasuudhaan sirrummaafi qulqullinaan funaannamuu isaa mirkaneeffachuu ta'a. Itti aansuudhaan, ragaaleen bifa sakkatta'a harshammeetiin jiru qindeessee galmeessuun yoo ta'u, ragaaleen daawwannaa daree,barsiisotafi qopheesitoota sirna barnootaa sadarkaa adda addaarra funaanname haala walitti dhiyeenya isaaniitiin gaaffilee qorannichaa bu'uura godhachuun mataduree matadureen qoqoodamnii qaacceffamu.

Walumaagalatti, ragaan xiinxala dhihaannaa dandeettii fudhannaa afaanii qabiyyeewwan kitaaba barnoota Afaan Oromoo sakatta'insa kitaabaa,daawwannaa dareefi af-gaaffii barsiisotaafi qopheesitoota sirna barnootarraa argame erga haala armaan oliitiin qindaa'eefi qaaccessamee hiikni itti kennamee booda cuunfaa, argannoofi yaboon dhiyaatee jira.

**BOQONNAA AFUR**

# 4. DHIYYEESSAAFI XIINXALA RAGAALEE

Boqonnaa kana keessatti xiinxalaafi ibsa ragaalee yookiin argannoowwaniitu raawwata. Ragaalee sakatta'a harshammee,af-gaaffiifi daawwannaatti fayyadamuun funaannaman haala walitti dhiyeenya qabaniin qindeeffamuun xiinxalamanii jiru. Haaluma kanaan ragaalee sakatta'a harshammeetiin kitaabilee filatamaniifi qajeelchota barsiisaa wal bira qabuun ibseera. Kana malees, ragaaleen af-gaaffii barsiisotaafi ogeeyyii barnootaa irraa argame haala walitti dhiyeenya isaanitiin qaacceffamanii jiru. Akkasumas daree barnootaa seenuu daawwannaan barattootaa ilaalamees qaaccaffameera.

## 4.1. Ibsaafi Odeeffannoo Qaacessa Harshammee Irraa Argame

Kitaabonni kun erga qophaa'anii waggoota sadii lakkoofsisee jira. Akka odeef- himtoota (Dabalee B) irraa hubachuun danda'amutti yeroon qophii kitaaba kanaa gara naannoo waggaa sadii akka jiruufi hojiirra ooluu kan jalqabees bara 2014/2021 ta'ee, eegasii as kitaabonni kunniin hojiirra kan jiraniifi,wanti fooyya'e akka hin jirre odeeffannoon isaan irraa argame mirkaneessee jira. Kanaafuu,waggoota muraasa tajaajiluu isaarraan kan ka'e barattoonni kitaaba ittiin baratan jiraniifi sababni wanta kanaa yeroo dhihootti waan maxxanfameef yookan immoo akka bulchiinsa Magaalaa Finfinneetti maxxansa jalqabaa waan ta'eef fooyyeessuuf mijataa akka hin taane yaada argamerraa hubachuun ni danda'ama.

Dabalataanis, kitaabni kun soroorfama qabiyyee akka hin arganne odeef- kennitootaan ibsameera. Yaada kanarraa kaanee haala kitaaba kanaa yoo ilaalle qabiyyeewwan isaanii sirritti kan seecca'ame yoo ta'ellee gama barattoota hirmaachisuutiin hanqinoota adda addaatiif saaxilamee jira. Kunis, qabiyyeewwan isaanii barattootatti ulfaachuun fedhii hirmaannaa barattootaa kan gadbuuseefi yaada barsiifamu umurii barattoota daree sanii ol akka taheefi wanti barsiifamuu qabu akka barsiifamuu danda'uun mijatee hin dhiyaanne. Kun immoo Afaan Oromoo yeroo kitaabni kun qophaa'e akka Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetti isa jalqabaa ta'uusaafi barattootni magaalaa Finfinnee baayyeen isaanii akka afaan lammaffaattii waan barataniif haalota kana kan giddugaleessa godhate hin turre. Kanaafuu, kan qoophaa'es barattoota Afaan dhalootaan baratan bu'uura kan godhate ta'uun isaa xiinxalameera. Haalli qophii yeroo jalqabaa kitaaba kanaas Afaan Oromoo Akka Bulchiinsa Magaalaa Finfinneettii fi afaan barnootaa waan ta'eef keesumaa warri Afaan Oromootiin afaan hiikkatan akka afaan tokkoffaatti ittiin barsiisuufi.Gama dhiyaannaa

qabiyyeetiin kitaabni kutaa 6ffaa boqonnaalee 10ttiifi fuula 134 qaba. Xiyyeeffannoon qabiyyeewwan kitaaba kanaas dandeettiwwan afaanii gurguddoo afran shaakalchiisuudha

Qorannoo kana keessatti meeshaalee barnootaa bu'ura taasisuun qabiyyeen dandeettii walsimannaa afaan barsiisuu kitaabaa sakatta'amee jira. Barnoota Afaan Oromoo kutaa 6ffaa kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa waliin wal bira qabuun sakatta'ameera. Sakkata'a kana keessatti gabateewwan tokkoo hanga Sadiitti jiran qabiyyeewwan kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa 6ffaa yoo ibsanidha.Yaada kanarratti dhaabachuun bu'a qabeessummaa kitaaba kanaatis hangam akka ta'e yaadaan qaacceffamee jalatti ibsamee jira.

**Gabatee1: Qabiyyeewwan kitaabaa barattoota shaakalchiisan boqonnaa 1_4.**

| Boqonnaa | Qabiyyee kitaaba barataa keessatti hammatame | Qabiyyee qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaate |
|---|---|---|
| 1.Uffata Aadaa | Barannoo :1 Dhaggeeffachuufi Dubbachhuu<br><br>Gilgaala 1-Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa<br>Gilgaala 2-Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu<br>Gilgaala 3-Shaakala DhaggeeffachuunBoodaa<br>Barannoo :2 Dubbisuu<br><br>Gilgaala 4- Shaakala Dubbisaan Duraa<br>Gilgaala 5-Shaakala Yeroo Dubbisuu<br>Gilgaala 6-Shaakala Dubbisaan Boodaa<br><br>Barannoo :3 Fayyadama Jechootaa<br><br>Gilgaala 7-Hiika Galumsaa<br>Gilgaala 8 –Jechoota Qoqqooduu<br><br>Barannoo :4 Barreessuu<br>9- Keeyyata barreessuu<br>Barannoo :5 Seerluga<br>Gilgaala 10-Maqaa Dhuunfaafi Maqaa Gamtaa | -Dubbachuu<br><br>-Himoota dubbisuu<br><br>-Jechoota barreessuu |

| | | |
|---|---|---|
| 2.Atileetota Beekamoo Barannoo :5 Seerluga | Barannoo :1 Dhaggeeffachuufi Dubbachhuu<br>Gilgaala 1-Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa<br>Gilgaala 2-Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu<br><br>Gilgaala 3-Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa<br>Barannoo :2 Dubbisuu<br><br>Gilgaala 4- Shaakala Dubbisaan Duraa<br>Gilgaala 5-Shaakala Yeroo Dubbisuu<br>Gilgaala 6-Shaakala Dubbisaan Boodaa<br><br>Barannoo :3 Fayyadama Jechootaa<br><br>Gilgaala 7-Shaakala Hiika jechootaa<br>Barannoo :4 Barreessuu<br>Gilgaala 8 – Shaakala Keeyyata barreessuu<br>Barannoo :5 Seerluga<br>Gilgaala 9- Shaakala Birsagaa<br>Gilgaala 10-Shaakala Maqaa Dimshaashaa | Dubbachuu (waa'ee ofii ibsuu)<br><br>-Himoota sirriti dubbisuu<br><br>-Dubbachuu (waa'ee warra ofii)<br><br>-Jechoota sirritti qubeessuu<br><br>-Himoota dubbisuu |
| 3.Afwalaloo | Barannoo :1 Dhaggeeffachuufi Dubbachhuu<br><br>Gilgaala 1-Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa<br>Gilgaala 2-Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu<br><br>Gilgaala 3-Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa<br><br>Barannoo :2 Dubbisuu<br><br>Gilgaala 4- Shaakala Dubbisaan Duraa<br>Gilgaala 5-Shaakala Yeroo Dubbisuu<br>Gilgaala 6-Shaakala Dubbisaan Boodaa<br><br>Barannoo :3 Fayyadama Jechootaa<br><br>Gilgaala 7-Shaakala Hiika Faallaa<br>Barannoo :4 Barreessuu<br>Gilgaala 8 – Shaakala Keeyyata barreessuu<br>Gilgaala 9- Shaakala Birsagaa<br>Gilgaala 10-Shaakala Maqaa Dimshaashaa | Bifaafi hojjaa ofii ibsuu Teessoo ofii ibsuu Himoota dubbisuu |

| | | |
|---|---|---|
| 4. Qonna Ammayyaa | Barannoo :1 Dhaggeeffachuufi Dubbachhuu<br><br>Gilgaala 1-Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa<br>Gilgaala 2-Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu<br><br>Gilgaala 3-Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa<br><br>Barannoo :2 Dubbisuu<br><br>Gilgaala 4- Shaakala Dubbisaan Duraa<br>Gilgaala 5-Shaakala Yeroo Dubbisuu<br>Gilgaala 6-Shaakala Dubbisaan Boodaa<br><br>Barannoo :3 Fayyadama Jechootaa<br><br>Gilgaala 7-Shaakala jechoota waliin deemanii<br>Barannoo :4 Barreessuu<br>Gilgaala 8 -Keeyyata amansiisaa barreessuu<br>Barannoo :5 Seerluga<br>Gilgaala 9- Shaakala Gochibsa Yeroo | Waa'ee umrii, kornayaafi teessoo ofii dubbachuu, dubbisuufi barreessuu |

Xiinxala qabiyyee gabatee tokkoffaa kana keessatti boqonnaalee afurtu ibsame. Sababni kuni ta'eef boqonnaaleen eeraman akka boqonnaatti haa baay'atan malee yaadni of keessatti qaban baay'ee bal'aafi walfakkaataadha.

Qophii kitaaba barataa kana keessatti boqonnaa tokko irraa yoo kaanu "Uffata Aadaa" yoo tahu yaadni barsiifamu baay'ee bal'aa ta'uurraan kan ka'e boqonnaan tokko fuula kudha afurirratti xumurama. Kanaafuu, dagaagina qabiyyee kitaaba kanaa irratti haala fudhannaa barattootaarratti hanqinni akka jiru nama hubachiisa.

Boqonnaa 1 irraa kaasee hanga boqonnaa 4tti gilgaala wal fakkaataa "Dhaggeeffachuufi Dubbachuu" jedhutu argama. Matadureen tokko deddeebi'ee dhiyaachuun isaa qabiyyeen sun akka hin dagatamneef gaarii ta'us, irra deddeebiin hanganaa garuu baruumsicha nuuffisiisaa taasisa. Kanamalees, gilgaalonni boqonnaalee kana jalatti dhiyaatan Ulfaatina isaanii irraan kan ka'e barattoota irratti kaka'umsa uumuun kan shaakalchiisu miti.

Qajeelcha barsiisaa keessatti qabiyyeewwan hammataman yoo ilaallu xiyyeeffannoon isaa dandeettii dubbachuu akka ta'e ibsa. Dabalataanis, barreessuufi dubbisuu akka shaakalan qajeelcha. Haata'u malee umurii barattootaafi barattoonni akka afaan lammaffatti baratan waan jiraniifi barattoota hirmaachisuufi dalagaalee gochaa baay'isanii shaakalchiisuu irratti hanqina ulfaatina qabiyyee murtaawaa qaba. Haaluma kanaan qajeelcha kana keessatti jechoota jabeessuu, laaffisuu, gabaabsuufi dheeressuun akka barsiifamu kaayyeffamee jira.

Haata’u malee, gilgaalonni mata duree kana shaakalchiisuuf qophaa’e hin jiru. Haalli kun hir’ina qophii kitaabaa ta’uusaa hubanna.

Boqonnaan 3 kitaabni barataafi qajeelchi barsiisaa qabiyyee “ Afwalaloo” jedhu. Gilgaalotaatin yoo ilaalle baay’inni gilgaalotaa10 haata’u malee gaaffiwwan achi jalatti dhiyaatan dandeettiwwan fudhannaa afaanii dubbachuun alatti kaawwan hagamuu hin hirmaachisan. Kanaafuu hirmaachisaa ta’uu dhabuun hanqina qabiyyee kanaa ta’uu isaa hubanna.

Boqonnaan 4 kitaaba kana irratti waa’ee “ Qonna Ammayyaa” ti. Xiyyeeffannoon isaatis dhaggeeffachuu ;keeyyata barreessuu ;hiikkaa jechootaafi gochibsa barreessuu irratti. Gama kamiinuu haata’u qabiyyeewwan kun barattoota kutaa 6ffaaf ulfaachuu akkasumas Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti kan baratan waan jiraniifi bal’inaan gadi fageenyaan haala barattootaaf galuun raawwatama. Kanaafuu, hanga kana yookiin boqonnaa sadi guutuu mataduree tokko irra deddeebi’uunii barsiisuun nuuffisiisaafi umuriin kan wal hingitne akka ta’e hubanna. Dabalataanis gilgaalonni dhiyaatan haala wal fakkaataan kan qophaa’eefi barattoota wanta haaraa qabsiisuuf kan shaakalchiisu miti. Walumaagalatti boqonnaalee kana keessatti bal’inni qabiyyee, irra deddeebiin mataduree, hirmaachisaa tahuudhabuu sababa ulfaatina qabiyyeetiin dhabuufi barattoota gidduu shaakaloota kaka’uumsa uumanii shaakalchiisuu danda’an akka hin jirre hubanna.

**Gabatee 2: Qabiyyeewwan kitaabaa barattoota shaakalchiisan boqonnaa 5_8.**

| Boqonnaa | Qabiyyee kitaaba baratаa keessatti hammatame | Qabiyyee qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaate |
|---|---|---|
| 5.Turiizimii | Barannoo :1 Dhaggeeffachuufi Dubbachhuu<br><br>Gilgaala 1-Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa<br>Gilgaala 2-Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu<br><br>Gilgaala 3-Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa<br><br>Barannoo :2 Dubbisuu<br>Gilgaala 4- Shaakala Dubbisaan Duraa<br>Gilgaala 5-Shaakala Yeroo Dubbisuu<br>Gilgaala 6-Shaakala Dubbisaan Boodaa<br><br>Barannoo :3 Fayyadama Jechootaa<br><br>Gilgaala 7-Shaakala Hiika kallattiifi galumsaa<br>Barannoo :4 Barreessuu<br>Gilgaala 8 – heennaa darbeheennaan keeyyata barreessuu<br>Barannoo :5 Seerluga<br>Gilgaala 9- Shaakala Dhamsagootaa<br>Gilgaala 10-Shaakala Maxxantuu Boodaa | -Waliin dubbii dubbisuu<br>-Waliin dubbii maqdhaala ta’an Guutanii dubbisuu |
| 6.Farra Qorichootaa | Barannoo :1 Dhaggeeffachuufi Dubbachhuu<br><br>Gilgaala 1-Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa<br>Gilgaala 2-Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu<br><br>Gilgaala 3-Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa<br><br>Barannoo :2 Dubbisuu<br>Gilgaala 4- Shaakala Dubbisaan Duraa<br>Gilgaala 5-Shaakala Yeroo Dubbisuu | -jechoota warra ibsan (akaakayyuu, akkoo, ilma…)<br>/- n/ mathima irratti dabaluu<br><br>/-ti/ kan himicha xumuruufi /fi/n Roobaleefi Biqilaa walqabsiisuu |

| | | |
|---|---|---|
| | Gilgaala 6-Shaakala Dubbisaan Boodaa<br>Barannoo :3 Fayyadama Jechootaa<br>Gilgaala 7-Shaakala Hiika kallattiifi dhokataa<br>Barannoo :4 Barreessuu<br>Gilgaala 8 – Shaakala keeyyata Xumuruu<br>Barannoo :5 Seerluga<br><br>Gilgaala 9- Shaakala Bamaqaa<br>Gilgaala 10-Shaakala Walqabsiistotaa | |
| 7.Haasaa Jibbinsaa<br>Barannoo :1 Dhaggeeffachuufi Dubbachhuu | Barannoo :1 Dhaggeeffachuufi Dubbachhuu<br><br>Gilgaala 1-Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa<br>Gilgaala 2-Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu<br><br>Gilgaala 3-Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa<br><br>Barannoo :2 Dubbisuu<br>Gilgaala 4- Shaakala Dubbisaan Duraa<br>Gilgaala 5-Shaakala Yeroo Dubbisuu<br>Gilgaala 6-Shaakala Dubbisaan Boodaa<br>Barannoo :3 Fayyadama Jechootaa<br>Gilgaala 7-Shaakala Hiika galumsaa<br>Barannoo :4 Barreessuu<br>Gilgaala 8 – Shaakala walqabsiistuu ’Fi’fi ’Garuu’<br>Barannoo :5 Seerluga<br><br>Gilgaala 9- Shaakala Maqibsootaa | -Jechootawaa’ee warra ofii ibsan (Jaarsa, jaartii, dargaggeessa, dargaggeettii, daa’ima...) |
| 8.HIV/AIDS Itoophiyaa Keessatti | Barannoo :1 Dhaggeeffachuufi Dubbachhuu<br>Gilgaala 1-Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa<br>Gilgaala 2-Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu<br>Gilgaala 3-Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa<br><br>Barannoo :2 Dubbisuu<br><br>Gilgaala 4- Shaakala Dubbisaan Duraa<br>Gilgaala 5-Shaakala Yeroo Dubbisuu | -Lakkoofsa dhibbaa hanga kumaatti lakkaawuu<br>-Lakkoofsotatti fayyadamuu |

| | | |
|---|---|---|
| | Gilgaala 6-Shaakala Dubbisaan Boodaa<br>Barannoo :3 Fayyadama Jechootaa<br>Gilgaala 7-Shaakala Hiika Faallaa<br>Barannoo :4 Barreessuu<br>Gilgaala 8 – Shaakala barruu barreessuu<br>Barannoo :5 Seerluga<br><br>Gilgaala 9- Shaakala Qaamoleefi Caasaa Birsagaa<br>Gilgaala 10- Gochima darbeeyyiifi Faaldarbeeyyii | |

Akkuma gabatee 2 irraa hubannutti qabiyyeewwan kitaabaa boqonnaa 5 hanga 8 kan jiru sakatta'amee jira. Boqonnaan5 dandeettii dubbisuu ; hiika jechootaa hennee darbeheennaa fi maxxantoota irratti kan xiyyeeffate ta'ee, Gilgaalota walfakkaataa sadii qofa qaba. Gilgaalli 1-3 Gulantaalee Dhaggeeffachuu irratti xiyyeeffatu. Waliin gareedhaan akka marii'atan haasa'an ibsa. Ittidabaluun yeroo dhaggeeffachuutti barsiisaan/stuun dubbisa jiru akka dubbistuufi barattoonni akka dhaggeeffatanii deebii kennan ajaja. Haalli kun garuu barattoota Afaan Oromoo akka  akka afaan lammaffaatti barattoota baratan  dubbisicha dhiyaate salphumatti hubachuu akka hin dandeenye taasisee jira. Kanamalees, dubbisanii hubachuuf ifa miti. Kanaafuu, haalli qophii akkanaa kun hawwataafi hirmaachisa akka hin taane taasisee jira. Dabalataanis, boqonnaan tokko gilgaalota 10 qabaachuun baayina qabiyyeefi , sanuu qabiyyeen isaa walfakkaataafi bal'aa ta'uunsaa waan baay'ee fedhii barattootaa hir;isuun nuffisiisaa tahuu nama hubachiisa. Kanaaf, qabiyyeewwan kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti hammataman isaan kana ta'anii qajeelchi barsiisaa yaaduma kana gabbisuuf barsiisaan waan walfakkaatu akka qopheessu ajaja. Haalli akkanaa kun immoo dadhabbina baruuf barsiisuu irratti mul'atu jajjabeessuu danda'a.

Boqonnaan 6 kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti "Farra Qorichootaa" kan jedhu. Kitaaba barataa gilgaalli 1 fuula 64 irratti ajajni gilgaalaa jechoota armaa gadii dhaggeeffachuun caqasi jedha. Ajaja kanaraa kan hubannu wantabooda dhaggeeffatan dursanii akka tilmaaman shaakalsiisuu ykn dhaggeeffatamutti ajajuu isaati kanaafuu, kun rakkoo gama ajaja gilgaalotaatiin mul'atu. Gilgaalli 2 dubbisa  dhiyaatetu callisaan akka dhaggeeffatantu  ibsame. Qophiin gilgaala kanaas qabiyyeen ittibaayyachuuniifi nuffisiisaa tahuun hirmaachisummaa dhabuu isaati. Kanaafuu, boqonnaa kana irrattis hanqinni akka jiru hubanna.

Boqonnaa 7 keessatti mata duree "Haasaa Jibbiinsaa" jedhutu dhiyaate. Akkuma beekkamu

gilgaalli 1-3 Gulantaalee dhaggeeffachuu yootahuuu waliin dubbii barattootni akka godhan ajaja. Qajeelchi barsiisaa irratti qabiyyee kana barsiisaan qabiyyee akkanaa barbaadee akka barsiisu ajaja. Haalli kun dadhabbina qophii qabiyyee kitaabaa haguuguuf wanta dhiyaate fakkaata. Kanaafuu, haalli kun hir’ina akka ta’e hubanna.

Boqonnaan 8 mataduree “ HIV/AIDS Itoophiyaa keessatti” jedhu hammatee jira. Kitaaba barataa keessatti gilgaalli 1-3 ibsa tokko malee irra deebi’anii akka dubbatan yoo ajaju, gilgaalli gulantaalee 4-6 dubbisuufi akka dubbisan akkasumas, gilgaalli7 fayyadama jechoota akka shaakalan ajaja. Gilgaalli 8 dandeettii barreessuu akka shaakalaniifi gilgaalli 9 Seerluga yoo barsiisu gilgaalli gochihima darbeeyyiifitaaldarbeeyyii akka shaakalan ajaja.ibsa tokko malee lakkoofsonni bifa barnoota afaanitii osoo hin taane bifa barnoota herreegaatti akka ofiin dubbatan ta’ee jira. Haaluma kanaan gilgaalli 3fi 4 fakkii ilaalanii akka dubbatan yoo taasisu akka fakkeenyaatti wanti shaakalchiise tokkollee hin jiru. Gilgaalli 6 fakkii ilaaluun dubbachuu yoo ta’u, gilgaalli 7 immoo caqasanii bakka duwwaa guutuu akka ta’e hubanna.

Boqonnaa kana keessatti fakkii malee yaadaan wanti gabbatee dhiyaatee hin jiru. Shaakalli boqonnaa kanaatis kan barattoota sisi’eessee dalagsiisu waan hin taaneef rakkoon gama shaakalaatiin akka jiru hubanna.

Walumaa galatti boqonnaalee kana jalatti hanqinoonni mul’atan; ajaja ifa hin taane qabaachuu, yaada barsiifamuu baayyachuufi bal’achuu, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa walsimannaa dhabuu ykn dogongora qabaachuufi gilgaalonni ajaja ifa ta’e dhabuun hir’ina kitaaba kanaa ta’ee mul’ata. Dabalataanis, qabiyyeewwaniif yeroon qajeelcha barsiisaarratti kennamuu dhabuun hanqina.

**Gabatee 3: Qabiyyeewwan kitaaba barattoota shaakalchiisan boqonnaa 9_10.**

| Boqonnaa | Qabiyyee kitaaba barataa keessatti hammatame | Qabiyyee qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaate |
|---|---|---|
| 9.Barmaatilee Miidhaa Geessissan | Barannoo :1 Dhaggeeffachuufi Dubbachhuu<br>Gilgaala 1-Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa<br>Gilgaala 2-Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu<br>Gilgaala 3-Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa<br>Barannoo :2 Dubbisuu<br><br>Gilgaala 4- Shaakala Dubbisaan Duraa<br>Gilgaala 5-Shaakala Yeroo Dubbisuu<br>Gilgaala 6-Shaakala Dubbisaan Boodaa<br>Barannoo :3 Fayyadama Jechootaa<br>Gilgaala 7-Shaakala Fayyadama jechootaa<br>Barannoo :4 Barreessuu<br>Gilgaala 8 – Shaakala Keeyyata barreessuu<br>Barannoo :5 Seerluga<br>Gilgaala 9- Shaakala Xalayaa Hojii barreessuu<br>Gilgaala 10- Shaakala Heennaa darbeheennaa | -Maqaa ji'oota waggaafi waqtiilee dubbdchuufi barreessuu |
| 10.Dubartoota Aangessuu | Barannoo :1 Dhaggeeffachuufi Dubbachhuu<br>Gilgaala 1-Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa<br>Gilgaala 2-Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu<br>Gilgaala 3-Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa<br>Barannoo :2 Dubbisuu<br><br>Gilgaala 4- Shaakala Dubbisaan Duraa<br>Gilgaala 5-Shaakala Yeroo Dubbisuu<br>Gilgaala 6-Shaakala Dubbisaan Boodaa<br>Barannoo :3 Fayyadama Jechootaa<br>Gilgaala 7-Shaakala Fayyadama jechootaa<br>Barannoo :4 Barreessuu<br>Gilgaala 8 – Shaakala Seenaa Jireenyaa barreessuu<br>Barannoo :5 Seerluga<br>Gilgaala 9- Aantima Kallattiifi alkallattii | -Maqaa bineeldotaa (saree, farad, lukkuu, arba, …)<br><br>-Gaalee<br><br>-Sagalee (jabaa, laafaa ) |

Akkuma gabatee 3 irraa hubannutti boqonnaan sagal kitaaba barataafi qajeelchi barsiisaa “Barmaatilee Miidhaa Geessissan” walitti firoomsuu yoo ta'u gilgaalli 3 barreeffama cimdiin

shaakaluufi gilgaalli 4 iddoo duwwaa guutun dubbachuudha. Gilgaalli 5 himoota dhiyaatan dubbisanii dhugaa ykn soba jedhanii deebisuu yoo ta’u gilgaalli 6 immoo maqaa ji’oota waggaa tartiibessanii barreessuudha. Hanqinni barannoo kanaa gilgaalonni shaakala kanaa bay’ee gagabaaboodha. Kanaafuu, barattoota shaakalchiisuuf rakkoo ta’uu danada’a. Walumaagalatti haalli qophii boqonnaa kanaa ija boqonnaawwan kana duraatiin yoo laalle kun fooyya’aa akka ta ‘e hubanna.

Boqnnaan10 mataduree “Dubartoota Aangeessuu” jedhu. Qabiyyee boqonnaaa kanaa galmaan ga’uuf gilgaalli 1fi 5 fakkii ilaalanii dubbachuu yoo ta’u, gilgaala 6fi 8 keessatti immoo jechoota dubbisuu dha. Walumaagalatti gilgaalonni boqonnaa kana jala jiran fakkii baay’atu. Fakkiileen barsiifamuu barbaadame dubartoota qofa. Waa’een dubartootaa immoo afoolota adda addaatiin yoo barsiifaman gaarii ta’uu danda’a. Kana malees, mala baruu barsiisuu adda addaatti fayyadamanii barsiisuun osoo danda’amuu fakkii qofarratti xiyyeeffatamuun isaa hanqina qabiyyee kanaa ta’uusaa hubanna. Dabalataanis qajeelchi barsiisaa gaaleen akka barsiifamu ajaja, haata’uuti kitaaba barataa irratti eessattii fi haala kamiin akka barsiifamu wanti ibsame hin jiru. Adeemsi kun qophiin kitaaba kanaa xiyyeeffannoo dhabuufi hanqina qabaachuu isaa nu hubachiisa.

### 4.1.1. Gosoota Dalagaaleefi Hanqinaalee Isaani

Akkuma boqonnaa lama keessatti ibsametti itti fayyadama isaaniirratti hundaa’uun hayyoonni akaakuu dalagaalee bakka sadi’itti qoodu. Isaanis: gilgaalota odeeffannoo hir’ate guutuuf dhiyaatan, gilgaalota sababa ibsuu barbaadaniifi gilgaalota yaada ofii ibsuu gaafataniidha. Gosoonni gilgaalota armaan olii hojiitti yoo jijjiiraman shaakala adda addaa kan akka ibsuu, dhaggeeffachuu, hojjachuu, barreessuu, dubbisuu, seenessuu., xiinxaluu, hubachuu, fakkii kaasuu, iddoo duwwaa guutuu, qabatamaan ykn gochaan agarsiisuu, hirmaachisuu, hojii gareefi dhuunfaa, lameen hojjachuu, daawwachuufi kkf ajajuun barattoota dalagsiisuun ni danda’ama. Kanamalees, kitaabonni afaanii dalagaalee adda addaa fayyadamuun kaayyoo barbaadame galmaan ga’uun danda’ama.

Kanaafuu, dalagaalee kitaabota keessatti hammataman sadarkaa afaan sanii xiinxaluun kan raawwatamu yoo ta’u dalagaaleen hammataman madaalawaa ta’uu qabu. Haaluma kanaan kitaabni filataman akka maddi ragaalee ( Dabalee A)fi sakattaan harshammee agarsiisutti dalagaaleen hammataman hanqinoota armaan gadii qabu. Isaanis: ajaja ifa ta’e dhabuu, dogongora qabaachuu, dandeettii barattootaa waliin madaalawaa ta’uu dhabuu, fedhii barsiisaafi barataa kan xiqqeessu ta’uu, gilgaalonni akka qabiyyeetti barsiifaman baayyachuu,

mala baruu barsiisuu ammayyaatti fayyadamuu dhiisuufi ogumaan afaan barsiisurratti rakkoo akka qabu xiinxallii kanaan mirkanaayee jira. Sababni isaatis, kitaabni kunyeroo jalqabaaf akka Biiroo Barnoota Magaalaa Finfinneetti kan hojiirra oolee fooyya'insa kan hin taasisne. Kanaafuu, kitaaba barattoota barsiisuuf qophaa'an osoo hin taane kitaaba yaaliif qophaaye akka fakkaatu odeef-himtoonni ibsaniiru. Walumaagalatti xiyyeeffannaan haala qophii gilgaalota kanaa wantoota ibsuu, ilaalanii firoomsuufi idoo duwwaa guutuu ta'uunsaa kitaabni barataa kutaa 6ffaa kun ragaa bahuu danda'a.

Akka sakatta'a meeshaalee barnootaafi odeef-kennitoota ( Dabalee A)tti qajeelchonni barsiisaa; silabasii hordofuun qophaa'an barsiisaa qajeelchuun kaayyoo afaan barsiisuu galmaan gahuu danda'u. Haata'uutii qajeelchonni kitaaba filatamee darbee darbee shaakaallii barattoonni hojjatan haala kamiin akka hojjataman, maal akka hojjatan fakkeenyota kennuun ibsuurratti rakkoo qabu. Kanamalees, meeshaalee matadureewwan yookiin gilgaalota yaadannoon barbaachisurratti yaadannoo hin kennu. Yeroo baay'ee qajeelchonni kunniin shaakaloota kitaaba keessatti dhiyaatan eerudhaan barasiisaan fakkeenyota yaada walfakkaataa barbaadee akka barsiisu ajaju. Haalli kun immoo adeemsa baruufi barsiisuurratti sababaa adda addaatiin dhiibbaa fiduu danda'a jechuun hanqina jiru ibsaniiru

### 4.1.2. Seenduubeefi Umrii barattootaa Jiddugaleessa godachuufi Hanqinaalee jiran

Qophii kitaaba barataa barnoota afaanii keessatti qaamni qopheessu wantoota hubachuu qabu keessaa seenduubeefi umrii barattootaa giddugaleessa taasisuun ulaagaa isaduraati. Barattoonni baayyeen Afaan kan ittiin hiikkatan Afaan Oromoon waan taheef barattoonni kutaa kana keessa jiran umriin isaanii guddaatee ykn xiqqaatee dhiibbaa uumu hin qabu;dandeettiiwwan afaanii muraasa maatii isaaniirraa barachaa wanta dhufaniif muuxannoo qabu jedhanii fudhachuu jira. Kunimmoo Afaan Oromoo barachuuf heddu isaan gargaara." jedha. Akka yaada kanaatti dhugaan jiru hanga tokko ibsamus wanti hin ibsaminis jira.

Akka madda ragaa ( Dabalee A)tti barattoonni sagantaa kanaan baratan barattoota magaalaa xixiqqoo, aanaawwan keessattiifi godinaalee naannoo Oromiyaa keessatti akkasumas hanga asdhihootti Magaalaa Finfinneetti argaman keessatti baratanii kan dhufanii dha. Olmaa daa'immanii heddu keessatti immoo barnoota hundaa afaan jalqabaatiin ykn afaan haadhotiin baratanillee Afaan Oromoo akka gosa barnoota tokkootti ni baratu. Kun immoo daa'imman guddataniidha. Haata'uuti barattoonni kunniin harki caalaan olmaa daa'immanii umrii daa'imummaa sana irraa kaasee qubeewwaniifi wantoota adda addaa beekuu akka danda'an nu hubachiisa. Qophii kitaabotaa kanarratti hundaa'uun rakkoo gama seenduubeefi umrii barattootaa jiddugaleessa godhanii qopheessurratti mul'atu yoo xiinxalamu kitaabni filatame kun seenduubeefi umrii barattootaarratti xiyyeeffachuun kan qophaaye miti.

Wantoota armaan olitti ibsaman keessaa umrii isaanii yoo ilaalle barattoonni harki caalaa kutaa 6ffaa baratan waggaa 11_ 13 keessa kan jiranii dha. Haalli jireenya isaanii immoo maatii isaanii hawaasa Oromoo waliini, dandeettii dubbachuufi dhaggeeffachuu afaanichaa

seeraan beekuu. Kanaafuu, kitaaba kanaan yoon barsiifaman haalli adda addaa ni mul'ata. Fknf baratoonni muraasni wanta kennamee yeroo kennameen dura dafanii fixuu, inni kaan ni jeequu, inni kaan immoo fedhii dhabuu. Kanaafuu, haala kana kan uume akkaataa qophaa'ina kitaabaati.

Akka ragaa himtoota qoranoo kanaatti yeroo yeroodhaan kitaaba akka madaalaniifi hanqinoota kitaabarratti mul'atan akka gabaasan taasifamu. Haalli kun raawwatamus Sirna barnoota haaraa irrattis qabiyyeen kitaabaa madaalaman irratti wanti jijjiiramu hin jiru. Kanamalees, Haalli qophii kitaaba kanaa yeroo ammaatti seenduubee barattootaa giddugala kan godhate hin fakkaatu. Sababni isaa yeroo ammaatti maatiin kamuu ijoollee isaa dafee mana baruumsaa waan seensisuuf daa'imman waa hedduu sadarkaa gadiitti baruu danda'u. Kanaafuu, Barattoota Afaan Dhalootaan barataniif barnoonni Afaan Oromoo qabiyyeewwan isaanii walsimannaa ga'umsa dandeettii fudhannaa afaanii qabiyyeewwan afaan Ingiliffaa waliin walbira qabnee yoo ilaalle kan Afaan Oromoo baay'ee salphaadha haatahugaruu kanniin akka afaan lammaffaatti barataniif ni ulfaata. Kuni kan ta'e seenduubee barattootaarratti qorannoo gahaa ta'e gaggeessanii kitaaba qopheessuuf dhabuufi xiiyyeeffannoo kennuu dhabuu akka ta'e ibsaniiru. Akka xiinxala qorannoo kanaatti sababni fedhii dhabuu barattootaa qabiyyee ulfaataafi baayina qabu barsiifamuu danda'u dhabamuufi walgitiinsa dhabuu qabiyyee, umriifi dandeettii barattootaati jechuun ibsaniiru.

Haalli qophii qajeelchota barsiisaafi kitaaba barataa walsimataadha. Qabiyyeewwan kitaaba keessatti hammataman tartiibni boqonnaawwaniifi gilgaalotaa osoo hin jijjiiramin qajeelcha keessatti dhiyaata. Garaagarummaan isaanii qajeelchi adeemsa baruu barsiisuu barsiisaaf mul'isuu yoo ta'u; kitaabni barataa garuu dalagaalee adda addaan qindaayeefi qabiyyeewwan bal'atee barattoota barsiisuuf kan qophaa'udha. Kanaafuu, kitaabileen adda bayee waan hin qophoofneef rakkoo walfakkaataa qabu jechuudha. Kana jechuun seenduubeefi umrii barattootaa giddugaleeffachuun kan qophaaye miti. Dabalataanis, qajeelchi barsiisaa kun baay'inni isaa muraasa waan ta'eef akka barbaadametti hin argamu. Haalli kun immoo rakkoo biroo uumuu akka danda'u odeef-kennitoonni (Dabalee A) ibsaniiru. Kanamalees, haalli qophii qajeelchaatis yaada bal'aa kan hin qabneefi malli baruu barsiisuu dhiyaate ittiin barsiisuuf namatti hin tolu. Kana jechuun barsiisaas hin hojjachiisu, barataas hin shaakalchiisu jechuu dha.

### 4.1.3. Dandeettiwwan Afaaniifi Hanqinoota Mul'atan

Adeemsa qophii kitaaba tokkoo keessatti baay'inni boqonnaawwanii erga murtaa'een booda qabiyyeen baruumsichaa ykn dandeettiwwan afaanii murteessuun hojii isa itti aanu. Akka odeef-kennitoonni (Dabalee A) ibsanitti, kaayyoon kitaaba barataa Afaan Oromoo kun dandeettiwwan afaanii gurguddoo afran adda durummaan shaakalchiisuudha jedhu. Kanaaf immoo gilgaalonni bu'a qabeessa ta'an qophaa'anii gama dandeettiwwan afaanii shaakalchiisutiin dhiyaachuu qabu. Fakkeenyaaf, dandeettii dhaggeeffachuu shaakalchiisuuf odeeffannoon argachuu qaban kan xiyyeeffannoo barattootaa harkisu danda'u, darbee darbees ta'u kan nama bashannansiisu, muuxannoo dura qabaniin kan walgitufi mala baruuf barsiisuu qabatama ta'anitti fayyadamuun isaan ijooti. Kanamalees, dandeettii dubbachuu barsiisuuf qabiyyee dandeettii dubbachuu qopheessuun dura maal dubbatamuu akka qabuufi akkamitti akka dubbatamuu qabu irratti yaaduun barbaachisaa dha. Sababni isaas miira dhaggeeffataa

argachuuf ykn odeeffannoo kennuuf wanti dubbatamuu qabu haala qindaa'een shaakalamuu qaba.

Qabiyyeen dhaggeeffachuu qabiyyee obsa barbaaduufi adeemsa dammaqinaan yookiin si'aayinaan raawwatamuudha. Haata'umalee, akka odeef-kennitoonni ibsanitti qabiyyeen kitaaba keessatti hammataman bifa nama nuuffisiisuun dhiyaatee jira. Fakkeenyaaf; boqonnaawwan harki caalaan yaada "Ibsuu" jedhuun hojiirra oolanii jiru. Kitaaba kana keessaa boqonnaawwan ibsuu maxxanfatanii akka matadureetti dhiyaatan fakkeenya fudhannee yoo laalle; Gulantaalee Dhaggeeffachuu,Gulantaa Dubbisuu warra ofii ibsuu, hiriyaa ofii ibsuudhaan, naannoo ofii ibsuu, kallatti ibsuudhaan, qabeenya ibsuudhaan, qabeenya warraafi naannoo ofii ibsuudhaan, jechuun haala wal fakkaataa ta'een mataduree taasisanii akka qabiyyee barnootaatti fayyadamuun amala kitaaba kanaati.

Barnoota jechuun yeroo adda addaatti wanta haaraa argachuufi wanta beekan yaadachuufi itti fayyadamuu yoo ta'u, kitaabni kun garuu haala kanaan qophaa'urratti hanqina akka qabu xiinxala qabiyyee kanarraa hubannee jira. Gama birootiin dandeettii dubbachuus yoo ilaalle qabiyyeen kitaaba barataa qophaa'e dandeettii kana barsiisuuf hirmaachisaa miti. Sababani isaas mataduree haaraafi mala baruu barsiisuu hirmaachisaa ta'etti waan hin fayyadamneefi. Kanamalees, dandeettiin dubbisuufi barreessuu barsiisuuf dubbisni shaakalaaf qophaa'u salphaarraa gara cimaatti dabalaa deemuufi sirritti barattoota kan hirmaachisu ta'uu qaba. Haalli qophii kitaaba kanaa immoo shaakaloonni dubbisuufi barreesuuf qophaa'an baay'ee gagabaabaafi walfakkaataa dha. Kanaafuu, haala barbaadameen barattoota shaakalchiisuuf hanqinoonni gama kanaanis ni mul'atu. Kanamalees, dandeettiwwan xixiqqoo kanneen akka dandeettii hiika jechootaa, dandeettii seerlugaafi dandeettii og-barruutti fayyadamanii barsiisurratti haalli qophii kitaaba kanaa baay'ee daanga'aa ta'uusaa ibsaniiru. Walumaa galatti qabiyyeen kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo barsiisuuf qophaa'e kun dandeettiwwan fudhannaa afaanii haalaan shaakalchiisee barsiisuurratti hanqinnoota qabaachuu isaanii xiinxala kanarraa hubachuu dandeenyeerra.

### 4.1.4. Silabasiiwwan

Silabasiin qophii kitaaba tokkootiif bu'ura ta'uusaa boqonnaa lama keessatti bal'inaan ka'ee jira. Haata'uutii silabasiiwwan kitaaba barataa Afaan Oromoo qophaa'an argachuu hin dandeenye. Silabasiiwwan kanneen argachuuf manneen barnoota hedduu Afaan Oromoo barsiifamu keessatti gaafadhee milkaa'uu waan hin dandeenyeef, Biiroo Barnoota Magaalaa Finfinne deemuun qopheessitoota sirna barnootaa waay'ee silabasiifi qophii kitaabotaa

raawwatan gaaffilee tokko tokko gaafadheen ture. Akka odeef-kennitoonni (Dabalee B) jedhanitti silabasiin kitaabota kanneenii akka hin jirreefi qophiirra akka jiru ibsaniiru. Sababni isaas kitaabni kunniin reefuu gara tajaajilaatti kan seene waan taheef haaraa qophaa'aa jiraachuu ragaa funaanameen mirkanaayee jira. Kanamalees, odeef-kennitoonni (Dabalee A) akka ibsanitti silabasiiwwan kitaaba kanaa ijaanuu arganii akka hin beekneefi qajeelchi barsiisaa argachuufuu hanqinni akka jiru ibsaniiru. Haata'uutii akka silabasii barnoota afaanitti yaada waliigala kitaabni ta'uu qabaniin kaayee jira.

Akka boqonnaa lama keessatti ibsametti tartiiba qindoomiina qabiyyeefi dandeetiwwan afaan barsiisuu kan murteessu akaakuu silabasii barnoota tokkooti. Haata'u malee akaakuu silabasii kamiyyuu keessatti qabiyyeen yemmuu filatamu isa kanaan dura barattoonni beekan irraa gara qabiyyee haaraa barattoonni hinbeeknetti kan deemu ta'uu qaba jedha. Karaa birootiin hayyoonni yemmuu ibsan qindeeffamni qabiyyee silabasi kaayyoo barumsichaatif dursa kennuu qaba. Silabasii qindeessuuf ulaagaa isaan armaan gadiiirratti bu'uureffanna. Isaanis: barataan yoo maal barate feedhii isaa ta'a, yoo maal barate bu'aa buusa, maaltuu danqaa itti ta'uu danda'a kan jedhuufi, maaltu barattootaan irra caala fudhatama qaba kan jedhuu dha. Silabasiin afaan barsiisuu keessatti barsiisaan maal akka barsiisu, qabiyyee akkamiifi maaliif akka barsiisu, kaayyoleefi mala barsiisuu, baratootaafi, eenyumma isaanii, meeshaalee, yeroofi bakka kan ibsuu yoo ta'u qajeelfama waliigalaa kennuun barsiisaafi ogeessoota afaaniitiif kan qophaa'udha jedha. Haata'u malee akka madda raga sakatta'a harshameefi afgaaffiiwwan irraa argametti silabasiiwwan kitaaba kanaa argamuu akka hindandeenye xiinxalameera. Kanaafuu, rakkoolee gama silabasiitiin jiru ilaaluu hin dandeenye.

### 4.1.5. Qajeelcha Barsiisaa

Qajeelchonni barsiisa kaayyoon qophaa'aniif inni guddaan barsiisaa qajeelchuu dha. Haalli itti qajeelchanis; mala baruufi barsiisuu barsiisaan itti fayyadamu, deebii gilgaalotaafi shaakaloota adda addaa sirreessanii dhiyeessuu, itti fayyadama yeroofi madaallii eeruu, yaadannoo gaggabaabaa kennuufi yaada guduunfaa bifa sirrii ta'een kitaaba barataa waliin wal simatee dhiyeessu dha. Akkuma odeef-kennitoonni (Dabalee A) ibsaniifi xiinxala qabiyyee qajeelcha barsiisaa irraa hubannutti kitaaba barataa waliin wal bira qabamee yoo ilaalamu dogongora tokko tokkoofi kitaaba barataa waliin wal simannaa dhabuun ni mul'ata.

Fkf. Qajeelcha barsiisaa kutaa jahaa keessatti jechoota jabeessuu, laaffisuu, gabaabsuufi dheeressuun akka barsiifamu kaayyeffamee jira. Haata'umalee, kitaaba barataa irratti gilgaalonni mata duree kana shaakalchiisuuf qophaa'e hin jiru. Kun hanqina qajeelchaa ta'uu

hubanna. Haalli kun hir’ina qophii qajeelcha barsiisaa ta’uusaa hubanna. Akka yaada odeef-kennitoota kanneenitti qajeelchonni barsiisaa mala baruu barsiisuu haaraatti fayyadamanii dandeettiwwan afaanii barsiisurratti rakkoo akka qabu ibsaniiru.

### 4.1.6. Qabatamummaa Qabiyyeewwaniifi Hanqinaalee Isaanii

Barnoota qabatamaa taasisuun qabiyyee barnootaa gola keessatti kennamu naannoo isaa waliin walsimsiisuun dhiyeessuun haala baruufi barsiisuu caalaatti mijataa kan taasisuudha. Akka xiinxala meeshaalee barnootaafi odeef-kennitoota ( Dabalee A)tti haala qabatama jiruufi jireenya barattootaa yoo ilaalle Afaan Oromoo afaan bakka garaagaraatti dubbatammee kan ittiin waliigalamuufi barreeffammee kan dubbifamuudha. Kanamalees, jireenyi hawaasummaa keessatti sochiiwwan adda addaa kan akka bittaafi gurgurtaa, gaddaaf gammachuu waliin qooddachuufi dhimmoota waliinii irratti hirmaachurratti adeemsaa waljijjiirraa yaadaatiin qooqa walii baruun nidanda’ama.

Kanaafuu, daa’imman naannoo kanatti guddatanis itti fayyadamaa dhagayaa guddatu kun immoo barnoota Afaan Oromoo salphumatti hubachuu akka danda’an isaan gargaara. Gama mana baruumsaatiin yoo ilaalle iddoo baay’eetti Afaan Oromoo mana baruumsaa baayyee keessatti barsiifamaa jira. Kun immoo barattoonni walitti dhufeenya adda addaa taasisaniin waa heddu walirraa baruu danda’u. Kanaafuu, qabiyyeen kitaabaafi qajeelcha keessatti hammatame baayyee salphaafi dandeettii isaan duraan qaban wajjiin yoo ilaallu wal hin madaalu. Kanamalees, meeshaalee deegarsa barnootaa adda addaa wantoota naannorraa argamanitti fayyadamanii akka baratan haala hin mijeessu. Kanaafuu, qabiyyeen kitaaba kanaa gama qabatamummaan afaan bariisurratti rakkoo qabaachuu isaa mirkanaayeera.

Adeemsa hojii baruuf barsiisuu haalaan qabatama taasisuuf meeshaaleen barnootaa qabiyyee barnootaa waliin deemanitti garagaaramuun caalaatti barnootichi faayidaa akka qabaatu taasisa. Haala qophii qabiyyeewwan kitaaba filatamee yoo ilaallee fakkiifi suuraawwan haalluu qabanitti fayyadamee adeemsa barnootichaa hin deeggarre. Akka ragaa himtoonni ibsanitti ciminni waraqaa kitaabni ittiin qophaa’an xiqqaa dha. Salphumatti cicituu kan danda’uufi kitaaba biroo waliin yoo ilaalamu irrakeessi isaa hawwatamummaa hin qabu. Kanamalees, qabatamummaa kitaabaa cimsuuf qabiyyeen barnootaa qindoominaa, tartiiba, walitti fufiinsafi dagaagina qabaachuu qaba. Qindoomina isaa yoo ilaalle matadureewwan walfakkaataa walitti ansurra darbee mataduree tokko boqonnaa adda addaa keessatti si’a lamaa sadi irra deebi’ameera. Fkf kitaaba kutaa 6ffaa keessatti Dagaaginarratti hanqinaaleen jiraachuu isaa sakatta’ameera. Kanaafuu, mataduree tokko akka qabiyyeetti kaasanii

babal'isaniifi damee itti godhanii barsiisuufi shaakalchiisurratti rakkoolee cimootu mul'ata.

Haala qabatama qabiyyeewwan qajeelchota barsiisaa yoo ilaale kitaaba barataa waliin walfakkaataadha. Akka odeefkennitoonni (Dabalee A) ibsanitti qajeelchi yennaa qophaa'u barsiisaa qajeelchuun barattooni shaakalootaafi hirmaannaa adda addaa akka taasisan kan ajaju. Qajeelchonni filataman garuu dandeettii dhaggeeffachuufi barreessuu iddoo murtaawaan alatti wantoota qabatamaan dalagaman hin ajaju. Kanamalees, mala baruu barsiisuu hirmaachisaa ta'e hin qabu. Kanaafuu, haala qabatama naannoo waliin walsimsiisanii barsiisurratti hanqinaaleen jiru. Kanamalees meeshaalee deegarsa barnootaa salphumatti wantoota naannoorraa argamaniin qopheessanii akka baratan hin ajaju. Kanaafuu rakkoon gama kanaanis jiraachuun isaa xiinxalameera.

### 4.1.7. Haala Qophii Qabiyyee Meeshaalee Barnootaafi Egeree Kitaabota Filatamanii

Akka yaada madda ragaa (Dabalee B)tti qabiyyeen meeshaalee barnootaa yoo qophaa'u ulagaaleen adda addaa ilaalamuu akka danda'u ibsanii jiru. Haata'uutii yeroo qophii meeshaalee barnootaa kanatti qopheesittoonni namoota biroo waan ta'aniif ulaagaa isaan ittiin qopheessan beekuu waan hin dandeenyeef homaa jechuu akka hin dandeenyee ibsanii akka waliigalaatti yeroo hammanaa tajaajiluu akka hin qabne ibsanii egereen meeshaalee barnoota kanaa garuu jijjiiramuuf qophaa'aa akka jiran yaada ragaahimtootarraa hubatamedha. Yaada kanarratti keessattuu maddi ragaa ( Dabalee B) ibsanitti Afaan Oromoo sadarkaa tokkoffaa muraasni isaanii silabasii akka hin qabneefi amma garuu ofii isaanitiif qopheessaa akka jiran hubachuun danda'ameera. Kanamalees, yeroo baay'ee silabasoonni kitaaba qopheessuuf qophaa'anii osoo hin baay'ifamin hafu. Sababani isaas dhimmi ariifachiisaan kitaaba barataafi qajeelchota waan ta'aniif xiyyeeffannoon kan kennamu isaanuma kanaafi. Kanaafuu, silabasoonni yennaa barbaadaman kan badan waan hin maxxanfamanneef akka ta'e raga argamerraa hubachuun danda'ameera. Walumaagalatti meeshaaleen barnootaa; silabasii, kitaaba barataafi qajeelchi barsiisaa waliin walbira qabanii xiinxaluuf silabasiin kitaaba kanaa argamuu akka hin dandeenye ragaan armaan oliitti ibsame ni agarsiisa. Kanamalees, meeshaaleen barnootaa kun eega qophaa'an waggoota muraasa dabarsuu isaanirraa kan ka'e qabiyyeewwan kitaaba kanaa dandeettii barattootaatiin oli akkasumas nuffisiisaa akka ta'eefi hirmaannaa barattootaa akka gad bu'u kan taasiseefi hanqinoota adda addaa qabaachuu akka danda'u nama hubachiisa. Haata'uutii garafuula duraatiif rakkoon kun akka furamu hojjatamaa jiraachuu isaa ragaa himtootarraa hubatamuun danda'eera.

## 4.2. Qaaccessa Odeeffannoowwan Afgaaffiidhaan Funaanaman

### 4.2.1. Afgaaffii Barsiisota Afaan Oromoo Irraa Argame

Mana Barumsa Sadarkaa Tokkoffaa Jeneraal Taaddasaa Birruu Lakk.2 Irraa Argame

Odeeffannoowwan afgaaffiidhaan barsiisota Afaan Oromoo Mana Barumsa Sadarkaa Tokkoffaa Jeneraal Taaddasaa Birruu Lakk.2irraa argamee bifa itti aanu kanaan qaacceffamuun

dhiyaate.

1. Gaaffii Haala barsiisaan yerootti fayyadamu (barumsarratti) dandeettii fudhannaa afaanii keessatti faayidaa qaba jettanii yaadduu? yoo niqaba

jettan faayidaa isaa ibsaa jedhuuf, barsiisonni Mana Barumsa sadarkaa

tokkoffaa Jeneraal Taaddasaa Birruu Lakk.2 barnoota Afaan Oromoo barsiisan haala walfakkaatuun "eeyyee faayidaa qaba" jechuun erga deebisanii booda, faayidaan yerootti fayyadamuu barnoota afaanii keessatti akka itti aanu kanatti ibsan. Barsiisaan "B/stuu Mihirat Caalaa" deebii isaaniitiin ,yeroon haala walqixa taheen barattoota hirmaachisuufi qabiyyee barnootaa sani yeroo qabame keessatti barsiisanii fixuuf faayidaan inni barnoota afaanii keessatti qabu,amala nuffisiisuu kan hambisu, siyaayinaan hirmaachuu kan qabu waan taheef bashannansiisuu waan qabuuf barnoota afaanii keessatti yemmuu gargaaramnu kaayyoo gurguddoo barnoota afaanii galmaan gahuuf iddoo olaanaa qaba. Barsiisaan "B/stuu Lalisee Hiikaa" yaaduma duraan kenname deeggarun, "Barattoonnis kakauumsaan hirmaannaa hoo'aa taasisuun akka barataniif faayidaa qaba" jechuun deebisan. Barsiisaan "B/stuu Asteer Fufaa" immoo dabalataan yoo ibsan, "yerootti sirnaan fayyadamuun faayidaa guddaa kan qabu waan ta eef,barnoota afaanii keessatti yoo itti fayyadamne karaa hawwataa ta'een kaayoo barnoota afaanii galmaan gahuuf gahee guddaa taphata." jechuun ibsan.

2. Dandeettii fudhannaa afaanii yoo barsiistan haalli hirmaannaa barattootaa cimsuuf gargaaramtanii barnoota afaanii barsiisuu irratti xiyyeeffannoon qabdan

maal fakkata? Gaaffii jedhuuf barsiisaan "B/stuu Mihirat Caalaa" yemmuu deebii kennan "qabiyyeen barnootichaa jiruufi jireenya hawaasa tokkoo waliin kan walitti hidhata qabu kan jedhuuf ,kana ta uun isaa immoo akka itti xiyyeeffatamu waan isa taasisuuf, barnoota afaanii ittiin barsiisuuf itti xiyyeeffanna. Dabalataanis barsiisaan "B/stuu Lalisee Hiikaa" kan jedhan, "Ogummaa gurguddoo afaanii dubbachuu, dhageeffachuu, barreessuufi

dubbisuu barsiisuu keessattis qooda guddaa qaba waan ta eef itti xiyyeeffachuun ittiin barsiisaa jirra garuu qabiyyichi ofiisaa barattoota kan hirmaachisu miti.” jechuun deebii isaanii kennan. Deebiin barsiisaa/tuu “B/stuu Asteer Fufaa” irraa argames xiyyeeffannoo ni kenninaaf kan jedhuudha garuu kitaabichi hanqina hirmaannaa akka qabudha.

3. Haala kitaabni Afaan Oromoo kutaa Jahaffaa qajeelchutti barattoonni waan

duraan beekan akka fidanii dhufuun gareen shaakalaniif haalli isin itti jajjabeessuun barsiiftan maal fakkaata? Gaaffii jedhuuf deebii yemmuu kennan:

Barsiisaa “B/stuu Mihirat Caalaa” “Barattoonni barnoota baratan keessatti muxannoo duraan jireenya isaanii keessatti qaban waliin yoo walitti fidan barnoonni isaan argatan qabatamaa ta’aa jira waan ta’eef, nutis yaaduma kanaa haala ajaja kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa irratti hundoofnee mata duree dandeettii fudhannaa afaanii tokko jalatti waan isaan hirmaachisuufi dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu cimsu duraan beekan daretti fidanii dhufuun shaakalliin akka ogummaa isaanii gabbifatan taasisaa jirra garuu kitaabichi qabiyyee isaatiin qajeelchuurratti hanqina qaba. Jechuun deebisu. Gaaffii kanaaf Deebiin isaan kennan walfakkaata.

4. Barattoota hirmaachisuun yeroo barnoota dandeettii fudhannaa afaanii barsiiftan rakkoon isin mudate jiraa?

Yoo jiraate maali? Akkamitti furtaniirtu? Gaaffilee kanneeniif deebii yoo kennan:

Barsiisaan “ B/stuu Mihirat Caalaa” irra deebiin yoo deebisan,” Rakkoon yemmuu qabiyyee barattoota hirmaachisuu dandeettii fudhannaa afaanii barsiisuu

nu mudate olka ee kan mul’atu ta’uu baatus, rakkoon akka hanqina yeroo ni

mul ata. Kunis yeroon ykn waytiin afoolli sun fudhatuufi wayitiin barnootichaaf

ramadame walsimuu dhabuudha. Kanas barattoonni yeroo barnootaatiin alas akka

shaakalin ni taasifna.” jedhan. Barsiisaa “B/stuu Lalisee Hiikaa” immoo rakkoo mudatu yoo ibsan “xiyyeeffannoo kennuu dhabuu barattoota tokko tokko biratti kan mul atuudha.Kunis dandeettii fudhannaa afaanii jireenya hawaasummaa ykn maatii isaanii irraa waan beekaniif faayidaa inni barnoota afaanii keessatti qabuuf hin xiyyeeffatan.kanas qabatamaan dandeettii afaanii akka afoolli gabbisu itti garsiisuun furaa jirra”

jedhan.Barsiisaan,tuun "B/stuu Asteer Fufaa" kan jedhan immoo " Kun kan ta'uu qabu gaafataman san qofa kuufatanii beekuu osoo hin ta in afoola san barnoota afaaniitiin walitti fiduun kaayyoo barnoota afaanii galmaan gahuudha jechuun ibsa bal'aa kennaniiru." jedhu.

Odeeffannoon afgaaffii barsiisotaa irraa argame kun kan mul isu yeroo,qabiyyee barnootaafi hirmaachisummaan barattootaaf ta'e hanqina kan qabu tahuufi dandeettii fudhannaa barnoota afaanii barsiisuufis akka xiyyeeffatamuu qabu ,barattoota akka shaakalsiisaniifi rakkoon yeroo afaan barsiisan mudate hanqina yeroo, qabiyyichi hirmaachisuu dhabuu fi xiyyeeffannoo laaffisuun barattootaa akka mul'atuudha.

Kanaaf immoo qophii kitaaba afaanii keessatti barattoota hirmaachisuu yemmuu barnoota daree afaaniis xiyyeeffannoo kan barbaadu ta'uusaa afgaaffii barsiisota waliin taasifame irraa hubachuun danda'ameera.

**4.2.2.Qaaccessa Odeeffannoo Afgaaffii Ogeessotaa Biiroo Barnoota Finfinnee Irraa argame**

1. Gaaffii kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa Jahaffaa keessa jiru

Sirna barnoota barattoota hirmaachiisuun barnoota afaaniitti ittiin barataa jiruu?

jedhuuf barattoonni ogeeyyiin iddaattoof filataman deebii yemmuu kennan:

Barataan "Aaddee Dastaa Addagee"Lakkii ittiin barataa jiru garuu sirna barnootaa kun yeroo jalqabaaf kan qophaa'e waan taheef hanqina qaba. jechuun yemmuu deebisu

Obbo "Abdiisaa Gannatii" akka itti aanutti deebise."Sirna barnootaa haaraatti fayyadamnee barnoota afaanii ni barattoonni barachaa jiru garuu gamaggama kitaabaa yeroo garaagaraa gaggeessaa jirruun hanqina barattootaa hirmaachiisuu akka qabu hubannee jirra. jechuun deebisa.

2. Haala barsiisaan barattootaa itti kakaasu/ hirmaachiisu kitaaba barnoota Afaan Oromoo wayitii barnoota Afaan Oromoo keessatti isiiniif dhiyaatu kun faayidaa qaba jettanii yaadduu? Yoo qabaate Aaddee Dastaa Addagee ibsaa gaaffii jedhuuf ogeessonni yemmuu deebii kennan: obbo "Roobaa Waamii" "lakkii" hirmaachisaa miti. Baldhinaan barsiisaan akka hojjetu afeera.kun immoo hirmaannaa barattootaa gadi buusa. Qabiyyeen isaas barattoota kan si'eessu akka hin taane gamaggama kitaabaan arginee jirra." Obbo "Abdiisaa Gannatii", "lakkii" hirmaachisaa miti.kaka'umsaafi hirmaannaa guutuun akka hin

barattoonni hin baranneef danqa.” jechuun deebii isaanii kennaniiru.

3. qabiyyeen kitaabichaa ogummaa afaanii gurguddoo afran (dubbachuu, dhageeffachuu, barreessuufi dubbisuu) akka gabbifattan ni taasisaa? Yoo ni taasisa ta e haala kamiin fa a? Gaaffilee kanneeniifis barattoonni yoo deebii kennan: Barataa “Aadde Dastaa Addagee” “lakkii qabiyyichi hanqina qaba. Umurii barattootaa olidha. ogummaa afaanii akka gabbifannuuf gargaaruu irratti hanqina qaba.” Yemmuu jedhu ,barataan “Obbo Abdiisaa Gannatii ” immoo Haalli qabiyyeen barnootaa ittiin akka dandeettii afaanii gabbifatan taasisus kitaaba keessatti qophaaye, kan barsiisaan isaanii qopheesseefi kan isaan duraan beekaan walittifiduun daree barnootaa keessatti yemmuu shaakalsiifamu hin jiru.karaa salphaa ta’een ogummaa afaanii dubbachuu, dhageeffachuu, barreessuufi dubbisuu gabbifachuu irratti hanqinni jira .”. jedhuun deebii kennu. Yaanni warri hafan kennanis kanaan addaa miti.Haaluma ogeessota irraa afgaaffiin deebiin kennameen qabiyyeen barnoota barattoota hirmaachisuurratti hanqina kan qabu akkasumas umurii barattootaa illee kan giddu hingaleeffannaafi haala qabatamaa naannoo waliin walqabsiisuurratti hanqinni bal’aan akka jiru eeramera.

## 4.3. Qaaccessa Odeeffannoowwan Daawwannaadhaan Funaanaman

Qaaccessa Odeeffannoowwan Daawwannaa Dareetiin Argame

| Lak. | Qabxiilee Daawwannaa | Safartuu Yaada |
|---|---|---|
| 1. | yerootti fayyadamuu | sa’atii kanname hunda miti |
| 2. | Haala kamiin barattoonni itti dalagu | dhuunfaadhaan |
| 3. | Xiyyeeffannoo barsiisaa maalirratti | dhiheessuurrattidha |
| 4. | Haala barsiisaan barattootaa itti kakaasu/ hirmaachiisu | gareedhaan |
| 5. | Itti fayyadama meeshaalee gargaarsa barnootaa (yoojiraate): | hin qabu |
| 6. | Kaayyoo ; | hin dhiheessine |
| 7. | Adeemsa dhiyeessa fi Shaakalaa: | Haala dandeettiin fudhannaa afaanii itti Xiyyeeffannoo |
| 8. | Sadarkaa hirmaannaa (Production) ; | hirmaannaan hin taasisani;callisoodha |
| | walitti fiduu? | |
| 9. | Fedhii guutuun shaakaluu? | Lakkiihin shaakalani |

Qorattuun qaaccessa dandeettii fudhannaa afaaniifi hirmaannaa barattootaa ogummaa afaanii gurguddoo barsiisuu keessatti qabu qorachuuf akkaataa barsiisonni Afaan Oromoo dandeettii fudhannaa afaanii kitaaba barnootaa keessatti

hammatame ittiin barsiisaniifi hirmaannaa barattoonni ittiin baratan hojiirra oolmaa isaa daawwachuuf gabatee mirkaneeffannoo (safartuu) qopheeffatte fayyadamuun

odeeffannoowwan qorannichaaf barbaachisan walitti qabachuuf daree barnoota kutaa

jahaffaa Mana Barumsa sadarkaa tokkoffaa Jeneraal Taaddasaa Birruu Lakk.2 daree iddaattoo filatamanitti deddeebi'uun odeeffannoo dabalataa argachuu danda'eera. Carraa wayitii barnoonni afaanii dandeettii fudhannaa afaanii barsiifamus argateetti. Dabalataanis,dabtara yaadannoo barattootaa ilaaluun akka gosoota dandeettii fudhannaa afaanii ofkeessaa qabuufi dandeettiiwwan afaanii barnoota afaanii keessatti kaka'umsaafi fedhii guutuun ogummaa afaanii gabbifataa barataa

jiraachuun isaanii bira ga'ameera. Yaadannoon isaanii kunis irraa caalmaan caasluga

qabaatuyyuu, dandeettiwwan irratti hanqina kan qabu ta'uun daawwannaa kanaan irra ga'ameera .

# BOQONNAA SHAN

## 5. CUUNFAA GUDUUNFAAFI YABOO

Boqonnaan kun cuunfaa hojii kanaa, argannoofi yaboo dhiyeessuurratti xiyyeeffata. Qabxiileen kunneen sadanuu duraa duubaan akka armaan gadiitti dhiyaatu.

### 5.1. Cuunfaa

Meeshaalee barnootaa kan jedhaman wantoota baay’ee ta’uu danda’u. Isaan keessaa sirni barnootaa, silabasiin qajeelchi barsiisaafi kitaabni barataa warreen murteessoo ta’aniidha. Meeshaaleen kunniin sirna barnootaa keessatti addaan ba’anii kan ilaalaman miti. Inni tokko isa tokkoof bu’ura. Kanaafuu, qophii kitaabaatiif sirni barnootaafi silabasiin bu’ura. Kitaaba barataatiin barsiisuuf barsiisaan akka madda odeeffannootti qajeelcha barsiisaatti fayyadama. Qajeelchi barsiisaa barsiisota afaanitiif akkaataa baruumsi itti dhiyaatu, gahee barataafi barsiisaa adda baasee itti hima. Kanaafuu, qabiyyee kitaaba tokkoo barsiisanii bu’aa argachuuf gumaachi meeshaalee barnootaa guddaadha.

Haaluma kanaan qorannoon kun walsimannaa ga’umsa dandeettii fudhannaa afaanii kutaa 6ffaaf kayaamaniifi hirmaannaa barattootaa xiinxala qabiyyeewwan kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 6ffaa barataniif kan qophaa’e irratti xiyyeeffata. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaas dandeettii fudhannaa afaanii qabiyyeewwan kitaaba kutaa 6ffaa keessatti hammataman barattoota Afaan Oromoo barataniif hirmaachisaa ta’uu isaanii xiinxaluudha. Qorannichis kitaaba filatame qajeelchota barsiisotaafi silabasiiwwan afaanii sakkatta’uu, ibsuufi xiinxaluun kan dhiyaate. Akka madda ragaatti sakattaan harshamee yookiin galmee kitaaba barattootaafi qajeelchota barsiisotaa kitaaba kutaa 6ffaa irratti taasifameera.

Maddi ragaalee qorannoo kanaa barsiisota Afaan Oromoo kutaa 6ffaa barsiisaniifi qopheessitoota sirna barnoota olaanaa Afaan Oromooti. Meeshaaleen funaansa ragaalee af-gaaffii Daawwannaafi sakatta’a harshammeeti. Gosti qorannoo kanaa qorannoo akkamtaa dha. Malli qorannoon kun itti adeemsifame mala ibsaa yoo ta’u qabiyyeewwan boqonnaa boqonnaatti qooduun gabateewwan jala jalatti ibsa kennuun qaaccessi taasifameera. Kanamalees, mala iddattoo miti carraatti fayyadammuun qaabiyyeewwan kitaaba kutaa 6ffaa barattoota Afaan Oromoo kutaa 6ffaa barataniif walsimannaa ga’umsa dandeettii fudhannaa afaniifi hirmaannaan barattootaa madaalawaa akka ta’an gama dandettiiwwan afaaniin, gosoota dalagaaleetiin, seenduubeefi umrii barattootaa jiddugaleessa godhachuu akkasumas gama qabatamummaa qabaachuun xiinxalamaniiru. Haala kanaan argannoofi yaboon qorannoo kanaa kanatti aananii ibsamaniiru.

## 5.2. Argannoo

Argannoon bu'aa qorannoo tokkooti. Kanaafuu, ragaalee madda adda addaa irraa funaannaman qindeessuun argannoorra ga'ameera.Isaanis:

- Akkuma sila jedhametti baruumsi afaanii dalagaalee hawwataafi hirmaachisaa ta'etti gargaaramuun kaayyoo barbaade galmaan ga'a. dandeettii fudhannaa afaanii qabiyyeewwan kitaaba filatamee gilgaalota seeraan shaakalanii itti fayyadaman Bal'achuu. Haalli qophaa'insi gilgaalotaas walfakkaataa, nuuffisiisaafi barattoota hirmaachisuu kan hin dandeenyedha.
- Haallii qophii kitaaba kanaa dandeettii fudhannaa afaanii seenduubee barattootaa, umriifi dandeettii isaanii waliin walmadaalchisuun gadifageenyaan itti yaadamee hin qophoofne.
- Kaayyoon kitaaba filatamee dandeettiwwan afaanii barsiisanii hojiitti hiikuu dha. Adeemsa kana hojiitti jijjiiruuf qabiyyeewwan kitaabaa bifa hawwataafi hirmaachisaa ta'een qindaa'ee dhiyaachuu qaba. Haata'u malee, haalli qophaa'insi qabbiyyee kitaaba kanaa dandeettiwwan fudhannaa afaanii barsiisuurratti bifa barattoota hirmaachisuu danda'uun qindaa'ee hin dhiyaanne.
- Hawaasni Oromoo sabaafi sablammii baay'ee waliin walmakee jiraata. Baay'inni dubbattootaafi itti fayyadamni afaan kanaatis baay'ee bal'aadha. Kanumarraa ka'uun afaan, aadaa, seenaa, dudhaafi haalla jiruufi jireenya uummata kanaa biyya keessatti qofa osoo hin taane biyyoota alaa adda addaa keessatti ni beekama. Kanaafuu, haalli qophii qabiyyeewwan kitaaba kanaa barattootni fedhii guutuun akka barataniif hin madaalu. Kana malees, Qophiin kitaaba tokkoo haala qabatama jireenya naannoo sanii waliin walqabatuunsaa baruumsichi salphumatti hubatamee osoo hin dagatamiin akka baratamu taasisa. Qabatamummaan kitaaba kanaa garuu hirmaannaa barattootaa waliin madaalawaa miti.

Walumaagalatti walsimannaan ga'umsaa dandeettii fudhannaa afaanii kutaa 6ffaaf kaayamaniif hirmaannaan barattootaa xiinxala qabiyyee kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 6ffaa bara, 2014/2021 irraa eegalee hojiirra oole jiru kun haala adda addaatiin yoo xiinxalamee hanqinoota adda addaa akka qabu mirkanaa'ee jira.

## 5.3. Yaboo

Akka argannoo qorannoo kanaatti qabiyyeewwan kitaaba kutaa 6ffaa gama walsimannaa ga'umsa dandeettii fudhannaa afaaniifi hirmaannaa barattootaa madaalawaa ta'uu dhabuu dha. Haalli kun faayidaa barsiisuu kitaabaa xiqqeessa. Kaayyoo barbaadame galmaan ga'uuf duubatti harkisa. Kanaafuu, rakkoolee kana furuuf yaboo kana kaayyeera.

- Qabiyyeewwan dandeettiwwan fudhannaa afaanii shaakalchiisuuf qophaa'an mala baruuf barsiisuu ammayyaa bu'ureffachuun haaromsameefi xiyyeeffannoon kennamee gadifageenyaan itti yaadamee osoo qophaa'e gaaridha. Kanamalees, qabiyyeewwan dhiyaatan bifa mataduree wal fakkaataafi iirra dedeebiin baay'ateen dhiyaachuurra haala hawwatamaa ta'een, mataduree beekanirraa gara mataduree haarawaatti kan guddachaa deemu, adeemsa barattoota shaakalchiisuu danda'uu kan qabateefi barattoonni wanta baratanitti fayyadamanii karaa dhimma isaanii ittiin ba'uu danda'aniin osoo dhiyaatee.

- Kitaabni gaariin gilgaalota gosa garagaraa kan bifa hawwataa taaneen qophaa'ee dhiyaatuufi barattootni dammaqinaan akka irratti hirmaatan kan taasisuu dha. Haaluma kanaan ragaalee funaannaman irraa akka hubatametti gilgaalonni kitaaba kanaa harki caalaan dandeettii fudhannaa afaanii barsiisuuf hirmaachisaa akka hin taaneefi, ajaja ifa ta'e akka hin qabne raggaasisanii jiru. Haalli kun kanumaan yoo itti fufe immoo kaayyoo afaanichi baratamuuf qancarsuu danda'a. Kanaafuu, gama kanaan xiyyeeffannoon taasifamee irratti hojatamuu qaba. Kanamales, qabiyyee qophaa'u keessatti gilgaalota ulaagaalee adda addaa guutuu danda'an fayyadamuun barattoonni carraa afaan baruu argatan kallattii adda addaatiin akka fayyadaman isaan taasisa.

- Haallii qophii qabiyyee kitaaba kanaa dandeettii fudhannaa afaanii seenduubee barattootaa, umriifi hirmaannaa isaanii waliin walmadaalchisuun gadifageenyaan itti yaadamee sirnaan qophaa'ee diyaachuu qaba.

- Akkaataan qophii qabiyyeewwan dandeettii fudhannaa afaanii kitaaba kanaa haala qabatama naanno waliin walsimatee kan qophaaye miti. Kanamalees, kitaabni kun aadaa, seenaa, duudhaafi haala jiruufi jireenya uummata Oromoo guutumaan guutuutti fayyadamee barattoota barsiisuuf hin qophoofne. Kanaafuu, qabiyyeewwan kitaaba kanaa barnoota haalaan shaakalchiisee hubachiisuf jiruufi jireenya naannoo sana waliin qabatama qabaachuu qaba.

- Kanamalees, maloota qabatamaan afaan barsiisurratti kanneen akka mala dorgommii, falmii, mala sochii ykn diraamaatiin fayyadamee bu’aa qabeessa ta’a. Sababani isaas afaan kan baratamu sochii nama afaan beekuufi nama afaan hin beekne gidduu taasifamuun waan ta’eef

**WABIILEE**


Addunyaa Barkeessaa. 2011. *Akkamtaa*: Yaadrimee Qorannoo Hujoo. Afaan Oromoo Keessatti, Finfinnee: Efficiency Printing Press.

Brown Douglas. 2000. *Teaching By Principles*. An Interactive Approach To Language Pedagogy. Second Edition Longman.

Cain, K. and Oakhill,J. V.1999.Inference makinf and its relation to reading comprension Failure. Reading and Writing.

Cunningsworth, A, 1984. Evaluating and Selecting ETL Teaching Materiyals. UK: Athenaeum Press Ltd.

Cunningsworth, A, 1995. *Choosing Your Course Books*: London. Heinemann. Dastaa Dassaaleny, 2013. *Bu'uura Qorannoo***:** Qorannoo Furmaataafi Deebii.Finfine,

Plc. East

Dirribaa Dabalee. 2008. Xiinxala Qabiyyee Caaslugaa Kitaaba Barataa Kutaalee 11fi 12: Walititti Fufiinsafi Dagaagina irratti xiyyeeffachuun: Yuuniivarsiiti Finfinnee.

(Kan Hin Maxxanfamne).

Dublin, Fraud & Olshtain, E, 1986. *Course Design*: Developing programs and Materials For Language Learning. Cambridge: Cambridge University Press.

Ellis, R .2003, Task Based Language and Teaching. Oxford: Oxford University Press. Fosrer John. 2001. Effective Writing skills for Peblic Rilations. 2ndDed. Kogan Page, Limited. (pag.127)

Gaaddisaa Abdii.2008. *Xiinxala Walsimannaa Qabiyyee Kitaaba Barataafi Qajeelcha Barsiisaa Xiyyeeffannaan Isaa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa10*: Yuuniivarsiitii Finfinnee. (Kan Hin Maxxanfamne)

Gass, M.S. and Senlinker, L. 2008. Second Language Acquistition (3rd edition): New York. London. Materials for Language Learning. Cambridge: Cambridge university press.

Kitaaba Barataa Qophii Qo'annaafi Qorannaa Sirna Barnootaa (B.B O). 1996.Afaan Oromoo Afaan Oromoo Akka Afaan Lammataatti: Oromiyaa, Finfinnee.

Magarsaa Namoomsaa. 2008. *Xiinxala Walsimannaa Qabiyyeebarnoota Afaan Oromoo Kutaa 11fi Wayitii Barnootaa*: Yuuniivarsiitii Finfinnee. (Kan Hin Maxxanfamne)

Milkeessaa Miidhagaa, 2015. *Afaaniifi Imaammata Afaan Biyya Itoophiyaa*. Finfinnee, Oromiyaa.

Mc Donough, J. And Shaw, C. 1993. Materials and English Language Teaching Oxford: Blank Well Published Ltd.

Nuttall, C. 1982. *Teaching Reading Skiils in a Foreign Language*. London: Heinemann. Nunan, D. 1988, *Syllabus Design.*Oxford: Oxford University Press.

Nunan, D. 1989. Designing Task for Communicative Classroom Cambridge: Cambridge University Press.

Nunan, D. 1989. Second Language Teaching Education. Cambridge: Cambridge University Press.

O"Neill, R. 1990. Why Use Textbooks? : In R. Rossner and R.Boltho. (eds). Currents in Language Teaching. Oxford University Press.

Prabhu, N.S. 1984. "*Procedural Syllabuses*" In Read, J,A,S (ed.) Trends in Language. Qajeelcha Qophii Qo'annaafi Qorannaa Sirna Barnootaa (B.B O). (1996)Afaan Oromoo

Afaan Oromoo Akka Afaan Lammataatti: Oromiyaa, Finfinnee.

Richard & Renandya, 2002. Methodology in Language Teaching Cambridge: Cambridge University Press.

Richards & Rogers, 2001. Approachs & Methods in Language Cambridge: Cambridgeuniversity Press.

Richards, J. C. 2001. Curriculum Development in Language Teaching Cambridge: Cambridge University Press.

Sheldon, L. 1988. Evaluating ELT Text Books and Materials. ELT

Stern, H.H. 1983. Fundamental Concept of Language Teaching.Oxford: Oxford University Press.

Stern, H.H. 1992. Issues and Options Language Teaching. Oxford: Oxford University Press.

Tashoomaa Balaayi. 1994. "Mala Afaan Barsiisuu:" Yuuniivarsiitii Jimmaa. Kan hin maxxanfamin.

Tomlinson, B. (ed). 2003. Developing Materials For Language Teaching London and New York: Continuum.

Tyler. R, 1949. Basic Principles of Curriculum and Instruction Chicago Il: University Of Chicago Press.

Wright, T. 1987.Role of Teachers and Learners. Oxford: Oxford University Press.

Yalden. J. 1987. Principles Of Course Design For Language Teaching Cambrid ambridge University Press.

## DABALEEWWAN DABALEE A: AFGAAFFII BARSIISOTAA

**Yuunivarsiitii Addis Abaabaa**

**Kolleejjii Namoomaa,Qo'annoo Afaanii Joornaaliizimiifi Quunnamtii**

**Muummee Afaan Oromoo,Og-barruufi Fookloorii**

**Afgaaffii Barsiisotaa**

Af-gaaffiin kun qorannoo matadureen isaa "**Walsimannaa Ga'umsa Dandeettii Fudhannaa Afaanii Kutaa 6ffaaf Kaayamaniifi Hirmaannaa Barattootaa**" jedhurratti gaggeessuuf kan dhihaatedha. Odeeffannoon qulqullinaafi amanamummaa dhaan isin kennitan fiixa ba'insa qorannoo kanaaf gumaacha guddaa qaba. Kanaaf, shakkii tokko malee deebii sirriifi ifa ta'e akka kennitan abdiinkoo guddaadha. Deebii ykn ragaa sirrii naaf kennitaniif durseen isin galateeffadha.

**Qorattuun Eebbisee Kifiluu Tolasaa**

Haala qophaa'insa kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 6ffaaf kaayaman dandeettii fudhannaa afaanii barsiisuu irratti yaada maal qabda?

Qabiyyeen kitaabaa dandeettii fudhannaa afaanii kutaa 6ffaaf kaayaman hirmaannaa, aadaa, seenduubee, umriifi haala waliin jireenya barattootaa ykn uummataa giddugaleessa kan godhatee?

Kitaabni silabasiifi qajeelcha barsiisaa qabaa? Itti fayyadamtee beektaa? Qabiyyeewwan dandeettii fudhannaa afaanii kitaaba keessatti hammataman haala silabasiitin qophaa'ee jiraa? Qajeelchi barsiisaa hoo maal fakkaata?

Ciminni ykn hanqinni kitaabaa barattoota hirmaachisuu irratti qabu maali?

Qabiyyeen dandeettii fudhannaa afaanii kitaabaa, Oguma Afaan Oromootti fayyadamee barsiisuu irratti maal fakkaata

Kitaaba kanatti fayyadamuun bu'aan barnoota afaanii irraa eegamu argamee jiraa? Fakkeenyonni akka qabiyyeetti qophaa'an hirmaachisaadha?

Kitaaba kana keessatti qophiin gilgaaalotaa barattoota hirmaachisuu danda'aa? Yookiin kitaabichi dalagaalee gochaan hojiitti jijjiiraman kan of keessatti qabuu dhaa? Ajajoota ifa ta'an qabaa?

Duraa duubni kitaabichaa haalaan kan qindaa'e? Dandeettiwwan fudhannaa afaanii haala gaariin qindaa'anii barsiisuu danda'uu? Barattootaa nihirmaachisaa ?

Haala qophaa'insa kitaabaa kanarratti akka qabiyyee dandeettii fudhannaa afaanii barsiisuutti osoo kuni dabalamee ykn irraa hiy'ate gaarii ta'a wanti jettu jiraa?

**Gabatee 6: Barsiisota Afgaaffii kana keessatti hirmaatan**

| T.Lak | Maqaa barsiisota raga kennanii | | Gosa barnoota ittiin leenji’anii | | Guyyaa ragaan itti funaaname |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Mihiret Caalaa | | Afaan Oromoo | | 30-5-2016 |
| 2 | Lalisee Hiikaa | | Afaan Oromoo | | 01-06-2016 |
| 3 | Asteer Fufaa | | Afaan Oromoo | | 01-06-2016 |
| 4 | Naa’ol Baqqalaa | | Afaan Oromoo | | 13-07-2016 |
| 5 | Sileshii Baqqalaa | | Afaan Oromoo | | 15-07-2016 |

**DABALEE B: AFGAAFFII QSBBMFAO**

**Yuunivarsiitii Addis Abaabaa**
**Kolleejjii Namoomaa,Qo'annoo Afaanii Joornaaliizimiifi Quunnamtii**
**Muummee Afaan Oromoo,Og-barruufi Fookloorii**
**Afgaaffii Qopheesitoota Sirna Barnota Olaanoo A/Oromoo**

Af-gaaffiin kun qorannoo matadureen isaa "**Walsimannaa Ga'umsa Dandeettii Fudhannaa Afaanii Kutaa 6ffaaf Kaayamanii Hirmaannaa Barattootaa**" jedhurratti gaggeessuuf kan dhihaatedha. Odeeffannoon qulqullinaafi amanamummaadhaan isin kennitan fiixa ba'insa qorannoo kanaaf gumaacha guddaa qaba. Kanaaf, shakkii tokko malee deebii sirriifi ifa ta'e akka kennitan abdiin koo guddaadha. Deebii ykn ragaa naaf kennitaniif durseen isin galateeffadha.

**Qorattuun Eebbisee Kifiluu Tolasaa**

Kitaabni barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 6ffaaf yoom qophaa'e? Akkamitti qophaa'e?

Kitaabni kun silabasiifi qajeelcha waliin qophaa'e? Yoo qabaate silabasii ammatti argachuun danda'amaa?

Haala qophii qabiyyee isaarratti yaada maal qabdu? Hanqinoota qaba jettanii yaaddu? Haala qophii kitaaba kanaarratti fuulduraaf maal yaaddanii jirtu?

**Gabatee7: Ogeessota Barnootaa Gaaffii Afaanii kanarratti Hirmaate**

| | Maqaa ogeesotaa | | Ido o hoj ii | Gahee hojii | Lak. Bilbil aa | Guy yaa raga anfu na nam e |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | Addee Dast aa Addagee | | Fin fin nee | QSBBM F Afa an Oromoo | 0929 4559 08 | 21-07-2016 |
| 2 | Obbo Abdiisaa Gannatii | Dhi | Finfinnee | QSBBMF Afaan Oromoo | 0988726283 | 21-07-2016 |

YUNIVARSITII ADDIS ABEBAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII DABALEE "C": ULAAGAA DAAWWII KUTAA KUTAA 6FFAA

Guyyaa__________________________

Kaayyoo barnootaa__________________

Qabiyyee __________________________

Mataduree __________________________

Turtii (duration) _____________________

- Xiyyeeffannoo barataarraa.

Haala barattoonni itti dalagan:

A. Garee maraan (Whole class

B. Gareewwan xixinnoodhaan

C. Cimdiidhaan

D. Dhuunfaadhaan Gahee barataa (kutaatti)

2. Xiyyeeffannoo barsiisaarraa:

Haala barsiisaan yerootti fayyadamu (barumsarratti)

Yeroo seensaaf itti fayyadame ________________________________

Yeroo dhiyeessaaf fudhate ________________________________

Yeroo cuunfaa barnootaa dalagu: ________________________________

Gaheewwan inni dareetti dalagu:

A.____________________________________________________________

B. ___________________________________________________________

C.

D.____________________________________________________________

2. Haala barsiisaan barattootaa itti kakaasu/ hirmaachiisu

A____________________________________________________________

B________________________________________________________________

C.______________________________________________________________

D.______________________________________________________________

E.__________________________________________________________________

Itti fayyadama meeshaalee gargaarsa barnootaa (yoojiraate): Kaayyoo

____________________________________________________________

____________________________________________________________

**6.** Adeemsa dhiyeessa fi Shaakalaa: Haala dandeettiin fudhannaa afaanii itti

Xiyyeeffannoo barsiisaa:

A. dandeettii dubbisiisuu irratti_________________________________________

B. dandeettii afaanii dhaggeeffachiisiisuurratti

___________________________________________

4. Sadarkaa hirmaannaa (Production)

A. Hojiilee barattoonni dalagan (Kutaatti).

B. Hojiileen kutaa kaayyoo barnootichaa faana deemuu?

Eeyyee ☐ Miti ☐

5. Too‟annaa kutaa (classroom management):

A. Hojiileen kutaa haala salphaadhaan barattootaaf dhiyaate? Eeyyee ☐ Miti ☐

**B. Barattoonni jaaqumfamani? (Are the student confused)?**

- Kaayyoorratti
- Adeemsota hojiileerratti

C. Haala Kutaa:

- Callisaa (silent)
- Hirmaataa
- Sagalee sadarkaa barbaachisaa

6. Yaad deebii (Feedback):

A. Kan dhuunfaadhaan laatamu________________________________

B. Kan gareedhaan kennamuu __________________________________

C. Kan yeroo barbaachise laatamu__________________________________

7. Si‟aayina (motivation):

- Haala kutaa:

- kan haalaan kaka‟e.

- kan ciminaan dalagu

kan biroo

_________________________________________________________

____________________________________________________________

8. Daawwii waliigalaa (overall observation)

___________________________________________________________

____________________________________________________________

YUNIVARSITII ADDIS ABEBAA KOLLEEJJII NAMOOMAA,

QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE

AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII DABALEE "D": SUURAAWWAN MADDA RAGAA




Suuraa 1: suuraa kitaaba Irratti Xiinxalli Gaggeeffame



Suuraa 2: suuraa Yeroo Afgaaffii Barsiisota Fudhatame



Suuraa 3: suuraa Yeroo Sakatta’a Ragaa Fudhatame




Suuraa 4: suuraa  Yeroo Daawwannaa Daree Fudhatame


Suuraa 5: suuraa Yeroo Daawwannaa Daree Fudhatame



Suuraa 6: suuraa  Yeroo Daawwannaa Daree Fudhatame

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

A, Ani qorattuun maqaafi mallattoo koo armaan gadiitti eerame kun, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu isaa ibsa, hojiin kun kanaan dura Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hindhiyaanne ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa Guutuu____________________________________________

Mallattoo________________________________________________

Guyyaa____________________________________________________

Qorattuunn _______________________________waraqaa qorannoo ishee haala seera qorannoo eegeen qopheessuu isheefi of ittisuuf (defense) muummeef galchuu dande'uu ishee ani gorsaan mallattoo kootiinan mirkaneessa.